

**QAACCESSA DHIHAANNAA HIMOOTAA KITAABA
BARNOOTAA AFAAN OROMOO KUTAA 9^{FFAA}-12^{FFAA}
KEESSATTI**

QORATAAN:MOOTUMMAA TARRAFAA TURAA

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII
LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU
BARSII SUUN GUUTTACHUUF YUUNIVARSIITII
JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASA AFI
HUMAANITII DAMEEBARNOOTA AFAAN
OROMOOFI OGBARRUUTTI DHIHAATE.**

**SADAASA, 2012
JIMMAA**

**QAACCESSA DHIHAANNAA HIMOOTAA: KITAABA
BARNOOTAA AFAAN OROMOO KUTAA 9^{FFAA}-12^{FFAA}**

KEESSATTI

QORATAAN: MOOTUMMAA TARRAFAA TURAA

GORSAAN: TASHOOMAA BALAAYINAA (PhD)

GARGAARAA GORSAA: MAHADI HUSEEN

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII
LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU
BARSISUUN GUUTTACHUUF YUUNIVARSIITII JIMMAA
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI
HUMAANITIIDAMEEBARNOOTA AFAAN OROMOOFI
OGBARRUUTTI DHIHAATE.**

SADAASA, 2012

JIMMAA

Axeerara

Kaayyoon qorannoo kanaa kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti akkaataa dhiyeenya caasaa himootaa qaaccessuun, haala dhiyeenya caasaa himaa irratti hanqinoota mul'atan adda baasuu, walitti dhufeenya kitaabilee barnootaa daree afran giddduu gama caasaa himaatiin jiru sakatta'uufi hanqina jiraniif yaada hayyooti qophii caasaa irratti kennan irratti hundaa'uun yaada gabbisaa eeruu yemmuu ta'u, kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf maddi ragaalee madda ragaa sadarkaa tokkoffaafi madda ragaa sadarkaa lammaffaati. Sakkatta'a kitaabileefi afaaaffiin barsiisotaaf dhiyaateen odeeffannoon funaanamaniiru. Qorannichis, gosa qorannoo waliin maadaaluutiin (comparative research) kan dhiyaate ta'ee, saxaxa ibsaan kan ibsameefi mala iddatteessuu mit-carraa keessaa iddatteessuu akkaayyoo (porpusive sampling) fayyadameera. Odeeffannoo funaanaman irratti hundaa'uun qaaccessa taasifameen kitaabileen barnootaa haala dhiyeenya caasaa himaa irratti, qooddii caasaa himaa, fakkeenya caasaa himaafi balballoommii qabiyeehimaa irratti garaagarummaa qabaachuun isaanii hubatameera. Kunis kitaabi Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} himoota caasaafi tajaajilaan, akkasumas qabiyyee bal'aan kan dhiheesse yommuu ta'u, kitaabileen Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}, kutaa 10^{ffaa} fi kutaa 12^{ffaa} immoo, caasaafi tajaajilaan dhiheessuu baatanis, himoota kan dhiheessan ta'uu isaanii hubatameera. Kana malees, kitaaba barnootaa kutaa 11^{ffaa} keessatti himni xaxamaan fakkeenya hima dachaa xaxamaa ta'ee dhiyaatee jira. Kanaaf addaa addummaa kana dhabamsiisuuf qopheessitootni kitaabilee barnootaa waliin mari'achuu, hanqina gama dhienya caasaatiin mul'atan yeroo yeroon sakatta'uun fooyyessuufi kitabileen yemmuu qophaa'an hayyoota afaanii gulaalchisuun barbaachisaa akka ta'e qorannoo kana keessatti ibsameera. Walumaagalatti, qorannoon kun gahee caasaan himaa afaan dhalootaa barachuu keessatti qabu ilaalchisee hubannoo ni uuma.

Yuunvarsiiiti Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa

Waraqaan qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruutiin guuttachuuf Mootummaa Tarrafaatiin, mata duree: *Qaaccessa Dhiyaannaa Himootaa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} Keessatti jedhu irratti qophaa'e kan adeemsa barbaachisu guutee dhiyaateedha.*

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa gargaaraa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

_____ Itti gaafatamaa muummeeykn walitti
qabaa sagantaa digirii lammaffaa

Galata

Hundaan olitti galanni kan Waaqayyooti. Itti aansuun, qorannoo kana yeroon hojjechaa turetti yeroo isaanii aarsaa gochuun nuffii tokko malee beekumsaqabaniin na sirreessaafi na gorsaa turan gorsaa koo TashoomaaBalaayinaa(PhD) guddiseen galateeffadha. Akkasumas, maatiikoofi obboleewwankoo barumsakoo irratti yaadaafi maallaqaan nacina dhaabbatan nan galateeffadha. Barsiisota yommuun qorannoo kana gaggeessaa ture nacina dhaabbachuun tumsa guddaa naaf taasisaa turan Barsiisaa. Lataa Jimaafi Barsiisaa Biraanuu Raggaasaa deeggarsa ogummaa naaf taasisaniif galannikoo guddaadha. Dhumarratti, Yuunivarsitii Jimmaa baasii qorannichaaf barbaachisu naa gumaacheef bu'aan argadherra dhaabbadheen galatoomaa jedha.

Hiika Gabaajee fi Kottoonfachiisaa

- KB- kitaaba barnootaa/ kitaaba barattootaa
- Ful. –fuula
- Fkn. fakkeenya
- Ykn-yookaan
- GG. Gaalee gochimaa
- GM-Gaalee maqaa
- B/saa.- Barsiisaa
- B/sotni- Barsiisotni

Qabiyyee.....	Fuula
Axeerara.....	iii
Galata.....	v
Hiika Gabaajee fi Kottoonfachiisaa	vi
1. BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa	3
1.3. Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa.....	4
1.4. Kaayyoo Qorannichaa	4
1.4.1. Kaayyoo Gooroo	4
1.4.2. Kaayyoo Gooree	4
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	5
1.6. Daangaa Qorannichaa	5
1.7. Hanqina Qorannichaa.....	5
1.8. Qindoomina Qorannichaa	6
2. BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU	7
2.1. Xinhima.....	7
2.2. Gaalee.....	8
2.2.1. Akaakuu Gaalee	8
2.3. Hima.....	10
2.4. Qaamolee Himaa	11
2.5. Akaakuu Himaa.....	12
2.6. Yaadrimee Caasaa	16
2.6.1. Gahee Caasaan Barnoota Afaanii Keessatti Qabu.	17
2.6.2. Gahee caasaan Afaan Dhalootaa Barachuu Keessatti Qabu	18
2.6.3. Haala Madaallii Qabiyyee Kitaaba Barnoota Afaanii	23

2.6.4.	Ulaagaa Kitaabni Barnootaa Dhiyaatu Tokko Guutuu Qabu.	24
2.7.	Sakatta'a Hojiilee Walfakkaatanii.....	25
3.	BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA.....	26
3.1.	Saxaxa Qorannichaa.....	26
3.2.	Madda Ragaa Qorannichaa	26
3.3.	Iddattoofi Mala Iddatteessuu Qorannichaa	27
3.3.1.	Iddattoo Qorannichaa.....	27
3.3.2.	Mala Iddatteessuu Qorannichaa.....	27
3.4.	Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo	27
3.4.1.	Sakatta'a Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo	27
3.4.2.	Afgaaffii Barsiisotaa	28
3.5.	Mala Qaaccessa Odeeffannoo	28
4.	BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO, QAACCESSUUFII HIIKU	29
4.1.	Sakatta'iinsa Dhiyeessa Qabiyyee Kitaaba Barnootaa	29
4.2.	Qaaccessa dhihaannaa himootaa kitaabilee kutaa 9 ^{ffaa} -12 ^{ffaa} keessatti.	30
4.2.1.	Hiikaafi haala Dhihaannaa Caasaa Hima himamsaa	30
4.2.2.	Caasaa hima gaaffii.....	31
4.2.3.	Caasaa hima ajajaa.....	33
4.2.4.	Caasaa hima raajeffannoo	35
4.3.	Dhihaannaa himootaa caasaa irratti hundaa'uun.....	36
4.3.1.	Hima salphaa.....	36
4.3.2.	Hima dacha	37
4.3.3.	Hima xaxamaa	39
4.3.4.	Hima dachaa xaxamaa	40
4.4.	Hanqina Dhihaannaa Himootaa Kitaaba Barnootaa Kutaa 9 ^{ffaa} -12 ^{ffaa}	43
4.5.	Kitaabilee A/O kutaa 9-12 keessatti hammi qabiyyee himootaa maal fakkaata?	46

4.6.	Ka'umsa Hanqina Dhihaannaa Himootaa K.B. Afaan Oromoo Kutaa 9 ^{ffaa} -12 ^{ffaa}	51
4.7.	Qaaccessa Afgaaffii Barsiisotaa.....	51
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO		55
5.1.	Cuunfaa	55
5.2.	Argannoo.....	56
5.3.	Yaboo	57
Wabiilee		58
Dabalee -A.....		61
Dabalee -B.....		62
Dabalee-C.....		63
Dabalee-D.....		64
Dabalee-E.....		65
Dabalee-F		66
Dabalee-G		67
Dabalee-H		68
Dabalee-I.....		69
Dabalee-J		70
Dabalee-K		71
Dabalee-L.....		72

1. BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan Oromoo ardii Afrikaa keessatti afaanota dubbataman keessaa kan bal'inaan dubbatamuudha. Kana ilaalchisuun, akka qorannoon yeroo adda addaa godhame ibsutti, Afaan Oromoo ardii Afriikaa keessaa Afaan Hawusaafi Afaan Arabaatti aanee sadarkaa sadaffaa irratti dubbatama (Bender fi Mulugeta, 1970; Gragg, 1976; Temesgen, 1992; Mahaammad, 1994; Hamid, 1995; Fayisa, 1996; Asafaa, 2009).

Itoophiyaa keessatti Afaan Oromoo afaan hojii ta'ee tajaajiluu kan eegale yeroo dhihoodhaa asi. Kanarraan kan ka'e afaanicha barachuus ta'ee afaanichaan barachuurratti rakkoon ni jira Rakkooleen kunis rakkoo gama caasaaleen jiran ta'uu danda'u. Caasaaleen kunneenis seera ittiin too'atamu ni qabu. Seerri kun caasluga jedhama. Kana ilaalchisee Addunyaa (2010:24) hayyuu O'Grady (1996) wabeeffachuun yoo ibsu "Caaslugni seera caasaa afaan tokkoo (Caasaa dhamsagaa, birsagaa, jechaa, gaalee, himaafi wkf) to'atuudha" jedha. Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti afaan isa fedheeyyuu walquunnamtii ga'aa gochuuf jechoonni iddoo olaanaa qabu (Carthy, 1990). Harmer, (1987) immoo "Caasaa afaanii tokkoof jechootni bu'uura waan hundaati. Kana jechuun namni tokko adeemsa walquunnamtii keessatti jechoota sirrii ta'an haala sirrii ta'e keessatti yoo fayyadame malee ergaa barbaade dabarfachuuf rakkisaa ta'a jedha. Dabalataanis Carterfi Carthy (1988) fi Tylor (1990) jechoota hubachuu jechuun dandettii hiika isaanii beekuu, haala keessatti fayyadamuu danda'an adda baafachuu, hiikawwan garaagaraa jechi tokko qabaachuu danda'u xiinxaluu, looga garaagaraa beekuu, jechoota waliin deemuu danda'an adda baasuu, uunka garaagaraa jechi tokko qabaachuu danda'u beekuufi wkfdha.

Afaan Oromoo barachuu keessatti rakkoowwan mul'atan keessaa tokko kan caasaati. Akkuma afaanota biroo, seera caasaa mataa isaa too'atu qaba. Abarraa, (1998) "Afaan kamiyyuu caasaa/seera/ of danda'e qaba. Guddina afaan tokkoof caasaa kana qorachuu, gabbisuufi beeksisuun barbaachisaa ta'a. Kana malees, sirna barnootaa cimsuufis gaheen isaa salphaa miti. Waaltina afaaniitiifis ni gumaacha. Afaan Oromoos caasaa of danda'e ni qaba. Caasicha qorachuun hir'ina isaa guutaa deemuun barbaachisaadha" jechuun ibsa.

Caaseffama himaa ilaalchisee, Andrew, Redfordiifkan biroo (2009:257) yoo ibsa “Words are combined to form phrases, phrases are combined to form sentences” jechuudhaan ibsan. Yaada hayyootaa kanarraa kan hubatamu, caasaaleen afaanii akkaatuma duraadubummaafi irraa jalummaa isaanin walitti dhufuudhaan caasaa isaanirra guddaa tokko ijaaruu akka danda’aniidha. Akkasumas, namni tokko waa’ee xiinhimaa beekuuf waa’ee ciroo, waa’ee gaaleefi jechootaa hubachuufi beekuun akka irraa eegamu hubatama.

Atkins (1995:32) Caaslugni afaan tokkoo akka sirna caasaa xiinhimaa (system of rule syntactic) kan tartiiba jechoonni walitti dhufanii himoota sirrii ta’an ittiin ijaaran yoo Ta’u, akka isa ammayyaatti tartiiba jechootaa, hiika isaafi haala (pragmatics) keessatti uummamu kan of keessaa qabuudha. Caasaan afaan tokkoo guddinaafi waltina afaanichaaf shoora olaanaa taphata. Kana ilaalchisee Asafaa (2009:17) yoo ibsu “Afaan tokkoon barreessuun ogummaa afaanichaa qorachuufi qo’achuun caasaa barrfeeffama afaanichaa qajeelcha, jechoonni akka horan taasisa, caasluga gabbisa, waltina nitumsa” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti bu’urri afaan tokkoo qubee mataa isaa qabaachuu akka ta’eefi sagaleeleen kun sirnaan qindaa’uun caasaa afaanii xiqqaa hanga guddaa ijaaruu keessatti qooda qabaachuu isaanii hubachiisa. Caaslugni seera caasaa afaan tokkoo caasaa dhamsagaa, birsagaa jechaa, gaalee, himaafi wkf) kan too’atuudha. Haala kanaan duraa duubummaa, irraa jalummaa, walhammannaa kennataa ta’uufi dhiisuun isaa caasaa afaan tokkoo irratti xiyyeeffata. Caaslugni afaanota hundaa walqixa ta’uun, afaan irratti hundaa’uun kanwaliigalaa jirachuun, argatamuufi baratamuu danda’uun akkasumas, jijjiirramuun amaloota caasluga warra muraasa. Kitaabileen wabii kan qabiyyee barnootaa tokko deeggaruufi ibsa dabalataa kennuun kitaaba barnootaa wajjiin walitti dhufeenya qbu. Haata’umalee akkaataa caasaa himaa itti dhiyeessaniin garaagarummaas ni qabu.

Akaakuuwwan caaslugaas garaagara yaa ta’an malee afaan caasluga dhabe waan hin jirreef, sadarkaa irranaas ta’ee liixaatti seeronni caasaalee afaan tokko ilaallatan nijiru. Seerota kana beekuun immoo qorannoo afaan tokkootiif wiirtuudha. Afaan Oromoo yaada qofa osoo hin taane, eenyummaa isaa ibsachuuf immoo beekumsi caasaa afaan isaa murteessadha. Gumaachi beekumsi caasaanafaanichaa taasisu keessaa guddina ogummaa afaanichaatiif, qorannoo gadi fageenyaa afaanicharratti geggeessuufi wkf (Addunyaa, 2010). Afaan tokko hiika qabeessa ta’ee ergaa akka dabarsuuf, sagaleewwan dubbii afaan sanaan jechoota ijaaruudhaan caasluga

afaanichaaf bu'uura ta'u (Baure,1988;Anderson,1992). Yaada hayyuuwwan kanneenii irraa akka hubatamutti, afaan tokko dhaamsa dabarsuuf ka'umsi sagaleewwan dubbii ijaarsi sagaleewwan sunneenii walitti dhufuun caasaa biroo kanneen akka jechaa,gaaleefi himaa ijaaruun afaanicha keessatti qooda qabaachuun cinaatti akkaataa hawaasni afaanichatti dhimma bahan waliin walsimuu akka qabuudha.

Afaan mataa isaa danda'e tokko sadarkaa sagalee iraa hanga sadarkaa hiikatti haala ittiin dhihaatu niqaba.Qindoominni dhihaannaa madda qaama afaanis ta'ee kan ijaarsa jechootaafi himoota afaan tokkoo galma ga'umsa sagantaa barnoota afaan sanaaf qooda guddaa qaba.Haaluma kanarraa ka'uun xiinhimni afaan tokkoo akka adda dureetti fudhatamee yoo ilaallamu sirnoota mataa isaa kan qabuudha.Xiinhimni qaama xiinqooqaa ta'ee,akkaataa ittiin jechootni walfilatani caasaa isaanirra guddaa uuman saayinsii qoratuudha.Kun immoo,uunkaan ijaarsa jechootaafi himootaa sagantaa barnootaafi kitaaba barnootaa keessatti tooftaa ittiin qophaa'an qabaachuu agarsiisa (Anderson,1992:54,Redford,et al,1999).

Mc Donoughfi Shaw(1993) akka ibsetti "Hayyoonnis kan kaa'an meeshaaleen hojii barnootaa tokko jalqabarratti yammuu wixineeffamu ilaalcha sadarkaa fayyadamtootni qabiyyee sanaa qaban hubachuu barbaachisa," jedha. Haa ta'u malee kun kan ta'uu danda'u yoo qopheessitootni kitaabilee wabii waldubbisaa deemann qofa. Kun immoo yeroo baay'ee barreessitoota kitaabilee wabii Afaan Oromoo irratti bal'inaan waan dagaage hinfakkaatu. Kanaaf, tokkoon tokkoon kitaabilee caasluga Afaan Oromoo qabiyyeewwan garaagara dhiyeessan keessatti hanqinni itti fayyadama sadarkaa caasaa himaa kan mul'atuudha. Bu'uuruma kanaan qorannoon kun qaaccessadhihaannaa himootaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti rakkoolee jiran xiinxaluun yaaxxinoota afaanii irratti hundaa'uun hanqinoota jiran balballoom saa,furmaata isaa heeruuf kan geggeeffameedha

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon kundhihaannaahimootaakitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti argaman qaaccessuun hanqinoota mul'atan adda baasuufi furmaata kaa'uu irratti xiyyeeffata. Kun immoo caasaa afaanichaa bu'uuraan beekuuf, hiika caasaafi qabiyyee barnoota afaanichaa irratti ibsa murtaa'aa tokko kennuu danda'uu agarsiisa. Ka'umsi qorannoo kanaa mana barumsaaUkkaa sadarkaa lammaffaatti, gaaffii barattoonni yeroo adda addaatti waa'ee gosa himootaa kitaabilee adda addaa irraa dubbisuun kitaaba isa daree waliin walbira qabani gaaffii

adda addaa kaasuun na rakkisaniifqorannoo kana akkan geggeessu na taasise. Bu'uuruma kanaan qorannoon kun gaaffilee armaan gadiitiif deebii deebisuu ni danda'a.

1.3. Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa

Qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa kanaan gaditti tarreeffaman nideebisa.

1. Haalli dhihaannaa himoota Afaan Oromoo kitaaba barnootaa kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti maal fakkaata?
2. Hanqinaaleen dhiyaannaa himootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti mul'atanmaalfaadha?
3. Kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessattihammiqabiyyee himootaa maalfakkaata?
4. Hanqinaaleekanaafka'umsimaal ta'uu danda'a?

1.4. Kaayyoo Qorannichaa

1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa, haala dhiyaannaa himootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessaa qaaccessuudha.

1.4.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoowwan gooreen qorannichaa:

1. Haalli dhihaannaa himootaa kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}, 10^{ffaa}, 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessaamaal akka fakkaatu tokko tokkoon qaaccessuun dhiheessuu,
2. Hanqinaalee dhiyaannaa himootaa KB.Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti mul'atanadda baasuu,
3. Kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessattihaalli hammiqabiyyee himootaa maalakkafakkaatan adda baasuun ibsuu,
4. Hanqinoota mul'ataniifka'umsa isaa adda baasuu dha.

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoonkunkallattiidhaan faayidaalee armaan gadii kennuu ni danda'a.

Dhihaannaa himaa ilaalchisee kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} kan ilaallatu waan ta'eef, hojii baruufi barsiisuutiif bu'aa qabaachuu danda'a.

- Barattootaafi namoota kitaabilee kanneen gargaaramaniif ciicata (input) ta'uu danda'a.
- Barreessitootni kitaaba barreessuuf fedhii qabaniifi barreessaa jiraniif ciicata kan ta'uufi ofeeggannoo taasisuu qaban qorannoo kanarraa hamma tokko ni hubatu.
- Dabalataanis barsiisotas ta'ee namoota kitaaba Afaan Oromoo irratti qorannoofi qo'annoo walfakkaataa dhimma himaa irratti adeemsisuu barbaadaniif bu'uura ni ta'a.
- Kana malees, qopheessitootni kitaaba barnootaa qaaccessa kana irratti hundaa'uun dhihaannaa himootaa kitaabicha keessatti akka rakkooti ibsaman fooyyessuufillee haala ni mijeesa. Akkasumas, saayinsii xiinhimaa Afaan Oromoo gabbisuufi haala haala dhihaannaa himootaafi qindaa'ina isaa hubachiisuu keessatti shoora olaanaa qaba.

1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kallattiidhaan kan irratti xiyyeeffatu haala dhiyaannaa himootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} irratti yammuu ta'u; himootaafi haaladhihaannaa himootaa kitaabileekanneen keessatti mul'atu irratti xiyyeeffata. Kanaaf, qorannoon kun kitaabilee barnootaa jiran keessaa kitaabota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta'u; karaa qabiyyeetiin immoo himoota irratti daanga'eera.

1.7. Hanqina Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa haala dhihaannaa caasaa himootaa kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} qaaccessuu ture. Haata'u malee, mana barumsaa qoratichi barsiisu qophaa'ina waan hin qabneef kitaabilee kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} argachuu hindandeenye. Rakkoo kana furuuf immoo, Aanaa ollaa kan ta'e, Aanaa Aallee mana barumsaa sadarkaa lammaffaafi qophaa'ina Goree deemuudhaan kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 ergifateera. Akkasumas, Kana malees, qorataan qorannoo gaggeessuu irratti muuxannoo gahaa dhabuun rakkoo biraa yammuu ta'an; rakkoolee kanneen barruulee garaa garaa dubbisuun, odeefkennitoota haala mijeessee fayyadamuuniifi gaaffilee barbaachisan warra muuxannoo qaban gaafachuun qorannicha galmaan gaheera.

1.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee dhiyaate. Boqonnaa 1^{ffaa} keessatti qabxiilee seenduubee qorannichaa, ka'umsa, gaaffilee bu'uuraa, kaayyoowwan, barbaachisummaa, daangaafi hanqina qorannichaa ibsantu dhiyaate. Boqonnaa 2^{ffaa}n sakattaa barruu yammuu ta'u; caasaa himoota Afaan Oromoo ilaalchisee yaada barreessitoonni afaanichaa kennantu dhiyaate. Boqonnaa 3^{ffaa}n mala qorannichaa kan ibsu yammuu ta'u; qorannichi gosa qorannoo addeessaa ta'ee mala sakatta'iinsaana kan adeemsifameedha. Kutaa kana keessatti malli iddatteessuu, meeshaaleen funaansa odeeffannoo, malli qaaccessa odeeffannoofi qindaa'ina qorannichaa ibsameera. Akkasumas, boqonnaa 4^{ffaa} keessatti qaaccessaafi hiika odeeffannootu dhiyaate. Dhuma irrattis boqonnaa 5^{ffaa} keessatti argannoo qaaccessa godhamee irraa ka'uun cuunfaa, fi yaboon dhiyaateera.

2. BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaan kun kutaalee gurguddoo sadiitti qoodama. Isaanis:Xinima, gaalee, hima, ciroo, qoqqoodama himaafisakatta'a hojiileewalfakkaataniitu walduraaduubaan dhihaate.

2.1. Xinhima

Jechi xinhima jedhu jecha Giriikii 'syntax' jedhurraa kan dhufe yammuu ta'u; innis tartiiba ykn toora qabsiisuu jechuudha(Yule, 2006). Kanajechuun tartiiba ykn duraa duubummaa jechoonni ykn gaaleewwan ittiin qindaa'uun qaama isaan irra guddaa ta'e uuman ibsa.Kan biraa xinhima ilaalchisee Abarraafi kanneen (1998), xinhimni qindaa'ina caaseffama gaalewwaniiti jechuun ibsu. Mitikkuufi Tashoomaan (1992), xinhimni saayinsii seera jechoonni afaan tokkoo walitti qindaa'uudhaan gaalee ykn hima uuman xiinxaluudha jechuun hiika itti kennanii jiru.

Addunyaa (2010:148), "*Xinhimnidamee gooree xinqooqaa keessaa tokko ta'ee, akkaataa ittiin jechoonni walfilatani caasaa isaan irra guddaa kanneen akka gaaleefi ciroo ijaarratan saayinsii qoratuudha,*" jedha.Yaadni kunis xinhimni damee gooree xinqooqaa keessaa tokko ta'uufi haala jechoonni ittiin qindaa'uun caasaa isaan irra guddaa ta'e saayinsii qoratu ta'uu ibsa.

Crystal (1987:94), Xinhimni karaa jechoonni walta'uun hima keessatti hiika kennaniidha. Kanaaf, xinhimni saayinsii keessoo himaa balballoomsuudha. Keessoo himaatti argamuun kan saayinsiin kun xiyyeeffatu keessaa inni tokko gaaleedha.

Gaaleen walhammannaa jechootaa ta'ee ulaagaa socho'iinsaa, walhidhiinsaafi bakka bu'iinsaa guutuun caasaa himaa keessatti kan argamuudha (Addunyaa 2010). Caasaan gaalee kunis miseensota maqaa, tajaajilaafi bakka garaagaraa qaban irraa ijaaramu. Maqaa isaaniitiin mataa, miiltoofi murteessituu jedhamu. Bakkaan ammoo, akaakuu gaalee irratti hundaa'uun addaa adda ta'anillee, Afaan Oromoo keessatti mataan gaalee caasicha irraa gama bitaa ykn gama mirgaa ta'uu danda'a.

Haaluma walfakkaatuun, miseensonni gaalee hariiroo waliinqabu.Hariiroon kunis, duraa duubummaafi irraa jalummaa caasichaa bu'uureffata.Duraa duubummaan hariiroo dalgeetiin yoo ibsamu irraa jalummaan ammoo hariiroo oleefi gadeetiin ibsama.

2.2. Gaalee

Kitaabni'caasluga Afaan Oromoo' jedhu Maclin (1996) wabeeffachuun akka ibsutti gaaleen jechoota lamaafi isaa ol kanneen akka qaama tokkootti socho'an irraa kan ijaaramuudha jechuun hiika. Hiikni kun amala gaalee tokkoo waan mul'isuuf, fooyya'aa ta'uu mala. Haata'u malee, gaalee jedhamuuf waliin argamni jechootaa dirqama miti. Jechi tokkos gaalee jedhamuu waan danda'uuf, hiikni olii kunis qeeqa jalaa miliquu hindandeenye. Addunyaa (2010).

2.2.1. Akaakuu Gaalee

Ijaarsa gaalee irratti Addunyaan, (2010) Finch, (2005) wabeeffachuun yaada yammuu dhiyeessu,“*akaakuun gaalee baayina garee jechaatiin walqabachuu isaanii yammuu ibsu; jechoonni Afaan Oromoo maqaa, maqibsa, durduubee, gochimaafi gochibsa jedhamuun qoodamu. Qooddiin kunis, ulaagaa xiniikaa, xinimaafi xinjechaa bu'uureffata,*” jedha. Yaadni kunis kan ibsu gaalee qooduuf baayina garee jechaa afaan tokko qabu beekuufi ulaagaaleen qooddii kanaaf barbaachisanis ulaagaa xiniikaa, xinjechaafi xinimaafaa ta'uudha.

Afaan Oromoo, caasaafi tajaajila isaa bu'uura taasifachuun qorachuun nidandaa'ama. Caasaan jechootaa bakka jarri hima tokko keessatti itti argamaniifi haala itti fufatan bu'uureffata. Tajaajilli afaanii immoo, haala irratti waan hundaa'uuf, amma caasaa dhaaba hinqabu. Akkuma haalli jijjiiramuun tajaajilli caasaalees faana bu'a.

Ulaagaan xiniikaa immoo, tajaajila afaanii irratti hundaa'a. Afaanicha keessatti gareewwan jechootaa shanan maqaa dhoofne keessaa gochibsa jalatti kanneen ramadaman ulaagaa xiniikaatiini. Jechoonni akka gochibsaatti tajaajilan maqaafi durduubeedha. Gareewwan jechootaa kun immoo, mataa ta'uun Gaalee Maqaafi Gaalee Durduubee ijaarratu. Qabanni isaa, ijaarsi gaalee baayinaan tajaajila afaanii osoo hintaane, caasaa isaa bu'uureffata. Kanaafuu tajaajilaan gochibsa, caasaan garuu Gaalee durduubeefi Gaalee Maqaa ta'uu gochibsootaa agarra. Asirratti jechoonni gochibsa jalatti ramadaman ulaagaa xiniikaan waan ta'eef, ulaagaan kunimmoo, tajaajila afaanii irratti bu'uureffata. Adeemsa kana keessatti gaaleen ammoo irra caalaa gama caasaafi tajaajilaan waan ilaalamuuf; akkasumas, gaaleen gochibsa caasaan gaalee maqaafi durduubee ta'uu waan dandaa'aniif akka gaalee tokkootti ilaalamuu hinqaban yaada jedhu of keessaa qaba. Egaa, Afaan Oromoo keessatti gaaleewwan kunneen tajaajila gochibsa waan kennanuuf caasaalee bifa kana qabaniif qofaatti gaalee gochibsa ijaaruun barbaachisaa hinfakkaatu. (Addunyaan, 2010)

A. Gaalee Maqaa

Gosa gaalee himuudhaaf jecha gaalee sana keessatti mataa ta'ee gale beekuu qabna. Kanaafuu maqaa gaalee kan murteessu jecha gaalee san keessatti mataa ta'ee galeedha. Kana jechuun mataan gaalee sanaa maqaa yoo ta'e, gaalee maqaa, mataan gaalee sanii gochima yoo ta'e, gaalee gochimaa, kanneen biroofis akkasuma. Fkn. Gammachuun mana ijaare. Gaalee kana keessatti mataan maqaa mana jedhu ta'a. kanneen mataa waliin jiran immoo miiltoodha.(Geetaachoo, 2014)

B. Gaalee Maqibsaa

Caasaa gaalee maqibsii keessatti mataan gaalee sanaa maqibsiidha. Kana jechuun maalummaa gosa gaalee tokkoo kan murteessu mataa waan ta'eef, mataan gaalee maqibsii maqibsii ta'e. fkn. Caalaan akkuma abbaa cimaadha. Mataan gaalee kanaa maqibsii cimaa jedhu ta'a. Sababiin isaas xiyyeeffannoon gaalee maqibsii kanaa cimina caalaa irratti waan ta'eef. (Geetaachoo, 2014:71)

C. Gaalee Gochimaa

Gaalee tokkoon gaalee gochima jechuuf jechi gaalee sana keessatti mataa ta'ee gale gochima ta'uu qaba. Gaalee gochimaa ilaaluun dura himni tokko qaamolee inni qabu haalaallu. Himni qaamolee gurguddoo gaalee maqaafi gaalee xumuraa/gochimaa kan ofkeessaa qabu yommuu ta'u, gaaleewwan kunniin gaalee xixiqqoo kanneen biroo ofjalaa qabaachuu ni danda'u. fkn. Margaan bishaan dhuge. Himni kun gaalee maqaa 'Margaan' jedhuufi gaalee xumuraa 'bishaan dhuge' jedhan ofkeessaa qaba.(Geetaachoo, 2014)

D. Gaalee Gochibsa

Gaaleen gochibsi/xumibsi gaalee mataan isaa gochibsi ta'eedha. Gaalee gochibsi gaaleewwan biroo irraa wanti adda isa taasisu miiltoo dhabuu isaati. fkn. Guutaan **har'a** dhufe. Hima kana keessatti jechi gurraacha'e gochibsiidha. (Geetaachoo, 2014)

E. Gaalee Durduubee

Gaaleen tokko gaalee durduubee jedhamuuf mataan isaa durduubee ta'uu qaba. Gaaleen durduubee akka gaalee gochibsi osoo hintaane, miiltoo ni qaba. Miiltoon mataa gaalee durduubee gareewwan jechootaa adda addaa ofkeessaa qaba. Fkn. Caaltuun **atattamaan** dhufte. Hima kana keessatti jechi gurraacha'e gaalee durduubeeti. (Geetaachoo, 2014:73)

F. Ciroo

Ciroon sadarkaa balballoomsa xinqooqaa keessaa isa tokko ta'ee, caasaa yoo xiqqaate gochima ofirraa qabuudha. Caasaan kunis matima ykn gochimatti suuqamuun odeeffannoo dabalataa kenna. Ciroo bakka garagaraatti qooduu nidandeenya. Dhaabbii isaaniitiin, ciroowwan Afaan Oromoo hirkataafi ofdanda'aa jedhamuun qoodamu. Akkasumas, bakka itti argama isaanii bu'uureffachuun ciroo guuttuufi ciroo firoomsee jedhamuun qoodamuu danda'u (Addunyaa 2010; Abarraafi Kaawwan, 1998; Gabbaroo, 2007). Kunis ciroon dhaabbiifi bakka argamaatiin qoodamuu danda'uu ibsa. Kanaaf ciroon matima ykn gochima waliin galuun odeeffannoo dabalataa kan kennu ta'ee, dhaabbiifi bakka argama isaatiin qoodamuu danda'a.

2.3. Hima

Himni qindaa'ina jechootaa ta'ee kan ergaa guutuu dabarsuufi fudhatama qabu yammuu ta'u, caacculee xiinqooqaa kanneen biroorra guddaadha. Abdulsamad (1994), himni gurmuu jechoota walfaana hiriiranirraa kan uumamu ta'ee kan hiika qabuudha jechuun ibsa. Kan biraa Addunyaa (2010:265), waa'ee himaa yommuu ibsu, "Caasaan hundarra guddaa kan ergaa guutuu tokko dabarsu hima. Kanaafuu, himni gama caasaatiinis ta'e hiikaatiin kanneen biroo irra caala," jechuudha. Gama caasaatiin yoo ilaalle, miiltoon himaa GMfi GG ti. Kana jechuun yoo xiqqaate himni tokko gaaleewwan handhuura ta'an kana lamaan irraa ijaarama jechuudha. Gulummoofi xumurtuu qabaatee yaadaqindaa'aa kan dabarsuufi sirna tuqaaleetiin kan xumuramu hima jedhama. Yookaan hima jechuun jechootni walitti dhufuudhaan yaada guutuu fudhatamaafi qindaa'aa ta'ee ergaa guutuu kan dabarsuufi sirna tuqaaleetiin kan xumuramu jechuudha (Geetaachoo, 2014)

Maalummaa himaa ilaalchisee karaa addaa addaatiin hiikni itti kennameera. Kanneen keessaa unka irratti hundaa'uun kanneen hiikan himni qindaa'ina jechootaa ta'ee, kan ergaa guutuu tokko dabarsuudha yammuu jedhan; kanneen biroon ammoo caasaa irratti hundaa'uun himni qindaa'ina jechootaa ykn gaaleewwan garaagaraa ta'ee kan ergaa guutuu dabarsu ta'uu ibsu. Akkasumas, tajaajila inni kennu irratti hundaa'uun hima jechuun gurmaa'ina jechootaa yaada keenya, hawwii keenyaafi fedhii qabnu kan ittiin ibsannuudha (Gabbaroo, 2007).

Hayyoonni caasluga duudhawaa, himni tuuta jechootaa kan matimaafi guuttuu qabu ta'ee, ergaa guutuu tokko kan dabarsuudha jechuun hiiku. Kaan ammoo, matimaafi gochima kan ofkeessaa

qabu caasaa olaanaa akka ta'e ibsu. Akka yaadichaatti, himni kamuu qabxiilee arfan kanatti aananiijjiran guutummaatti qabaachuu qabu. Qabxiileen kunneenis: tartiibni jechoonni ittiin walfaana hiriiran sirrii ta'uu; Dhaamsa hiika qabu qabaachuu; fudhatamummaafi dhugooma qabaachuu qaba. Walumaagalatti, maalummaa himaa caasaa (maalirraa akka ijaaramu), unkaa (akaakuu gaalee) fi tajaajila qabu irratti hundaa'uun ibsuun nidandaa'ama.

2.4. Qaamolee Himaa

Himni qaamolee gurguddoo gaalee maqaafi gaalee gochimaati. Gaaleewwan kunneen handhuura hima tokkooti. Akkasumas, gaaleen maqaa akka matimaatti, gaaleen gochimaa ammoo akka kutimaatti kan tajaajiluudha (Addunyaa, 2010).

A. Matima

Matimni qaama himaa kan gochaa tokko raawwate ykn kan waa'een isaa dubbatamu yoo ta'u, yeroo baay'ee, tajaajila kanaaf kan oolan maqaa ykn bamaqaadha. Himoota Afaan Oromoo keessatti matimni jalqaba irra galuudhaan kanneen biroo ofduuba hiriirsa (Mitikkuufi Tashoomaa, 1992; Abarraafi Kaawwan, 1998; Addunyaa, 2010). Kana jechuun matimni hima tokko keessatti qaama waa'een isaa dubbatamuudha; abbaa dhimmaa himichaati jechuudha.

B. Kutima

Kutimni immoo, qaamolee himaa keessaa tokko ta'ee, matima irraa haquun kutaa himaa hafuudha. Kutaan himaa kun aantima kallattiifi alkallattii, gochibsaafi gochima ofkeessatti hammata (Addunyaa, 2010). Kunis kutaa himaa gochi irratti raawwatamuufi kan gocha raawwate sana bal'inaan akka hiika kennutti ibsuudha.

C. Aantima

Aantimni qaamolee himaa keessaa tokko ta'ee, gochi kan irratti raawwatamu jechuudha. Kana jechuun qaamolee himaa tokko keessatti matimni qaama gocha tokko raawwate yoo ta'u, aantimni immoo qaama gochi irratti raawwatamee dha. Aantimni kunis aantima kallattiifi aantima alkallattii jedhamanii beekamu. Fkn. Tolaan *fardaaf marga* haame. Hima kana keessatti margi aantima kallattii yoo ta'u, fardaaf kan jettu immoo, aantima alkallattiiti. (Abarraa fi kaawwan, 1998).

2.5. Akaakuu Himaa

Bu'uura qooddii himaa ilaalchisee yaada adda addaatu kennama. Addunyaan (2010:272) yammuu ibsu, “Xinqooqa keessatti, himoonni bakka garaagaraatti qoodamu. Bu'uurri qooddii kanaa tokko caasaadha. Bu'uuruma kanaan, himni Afaan Oromoo leeximaafi xaxima jedhamuun qoodamu,” jedha. Akka yaada kanaatti leeximni akaakuu himaa gochima tokko qofaa qabu ykn ciroo hirkataa ofkeessaa hinqabne jechuudha. Kunis akaakuu gochimaa qabu irratti hundaa'uun: himamsa, ta'ima, raawwima, taasifamaafi gaaffima jedhamuun akaakuu garaagaraatti qoodamu.

Gabaabumatti, leeximni gama caasaafi tajaajilaatiin xiinxalamuu danda'u. Gama caasaatiin gochima tokko qabaachuudha. Kana jechuun, handhuura himichaa kan ta'an, gaalee maqaafi gaalee gochimaa, miiltoowwaniifi murteessituu akaakuufi sadarkaa garagaraa fudhatanillee, akka miiltootti ciroo hinfudhatan. Kanaaf ciroon firoomseefiguuchisaan akaakuu hima kanaa keessatti iddoo hinqaban. Tajaajilaan immoo, leeximni ajajuuf, odeeffannoo dabarsuuf ooluu danda'a.

Xaximni ammoo akkuma maqaasaa caasaa xaxamaa ofkeessaa qaba. Himni gosa kanaa, baayina ciroowwan ofdanda'oofi hirkatoo ofkeessaa qabuun xaxamaafi dachaa xaxamaa jedhama. Kunimmoo, leeximas ofkeessaa qabaachuusaa hubachiisa. Xaxima gama tajaajilaatiin yoo ilaalles, akkuma leeximaa waan tokko irratti odeeffannoo kennuufi raajeffachuuf ijaarama. Kanaaf, gama kanaan himni leexaafi xaximni walfakkaatu.

Walumaagalatti, himni sadarkaalee balballoomsa xinqooqa gooree keessaa isa tokko ta'ee, matima akka gaalee maqaatti tajaajiluufi kutima yoo xiqqaate gochima irraa ijaaramu ofkeessaa qaba. Gama caasaatiin, hima leeximaafi xaxamatti qooduu dandeenya. Leeximni gochima tokko qofaa yoo qabaatu xaximni immoo, gochima tokkoo ol qabaachuun caasaa isaa ijaarrata. (Abarraafi Kaawwan, 1998; Addunyaa, 2010).

Kan biraa qooddii himootaa gama caasaatiin jiru ilaalchisee Gabbaroon, (2007) yammuu ibsu, “Himoonni Afaan Oromoo baayina ciroo ofkeessaa qaban irratti hundaa'uun iddoo afuritti qoodamu. Isaanis hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaadha,” jedha.

A. Hima Salphaa

Himni salphaan ciroo of danda'aa tokko irraa kan ijaaramuudha. Caaseffama hima salphaa Afaan Oromoo ilaalchisee Catherine (2001: 99) “The normal word order of a main clause in Oromo is: subject, object, verb” jettee ibsiteetti. Kun caaseffama liixxaa haata'u malee, himootni Afaan

Oromoo karaa adda adda akka caaseffamuu danda'anis itti dabaluu ibsitee jirti. Caaseffama kana keessatti garuu gochimniifi antimni calqaba himaa irratti galuu hin danda'an. Karaa biraatiin matimni antimaafi gochima gidduu galee hin caaseffamu. Kana malees himni salphaan wantoota naannoo keenyatti argamaniifi jireenya keessatti dhugaa nu quunnamuu danda'an himuudha. Yaada kana ilaalchisee Fileen kitaaba isaa "Seerluga Afaan Oromoo" jedhu keessatti akka armaan gadiitti ibseera.

Dhugmeessa (affirmative) jechuun wanta dhugaa ta'e tokko yaada caasaa himaan ibsuu jechuudha. Kunis himeen kana jalatti dhihaatan gulummo, irraawwatamaafi gocha tokkoon kan raawwatame kan ibsuudha. Kana jechuunis gocha sana kan raawwateefi gochi sun kan irratti raawwatame jechuudha. Karaa biraa immoo gaaffileen dhugmeessaa yaada mormisiisaadhaan ijaaramuu nidanda'u (Filee, 2015:174).

Dabalataanis hayyuun Larsen-Freeman(1991) akaakuu hima salphaa keessaa raajeffannoo yoo ibsu, "Exclamatory sentences show surprise and end with an exclamation mark. They can begin with or how." Yaadni kun himni raajeffannoo dinqisiifannaa, aarii, jajuu kan ibsu yoo ta'u, dhuma isaa irraa kan mallattoo raajeffannoo qabu ta'uu agarsiisa. Kana malees Addunyaan (2012) himni kun yaada nama ajaa'ibu, gaddisiisu, gammachiisu, safuu kan ittiin ibsaniidha jechuun ibsa. Fakkeenyaaf, Nan badekaa! manakoo saaman! Maal garaan akkas waldhabe! Ajab! kun jiruudhaa! Himootni kunneen hundinuu raajeffachuuf dhihaatan. Himni jalqabaa rifachuu agarsiisuuf kan dhihaate yoo ta'u, himoonni itti aanan immoo dinqisiifachuuf dhiyaatan. Kanaafuu himni raajeffannoo raajeffachuuf, jajuu, rifachuu agarsiisuuf tajaajila. Kanaafis mallattoo raajeffannoo of irraa qaba. Himni ajajaas akaakuu hima salphaa keessaa isa tokkoodha. Hiika hima ajajaa ilaalchisee, Harmer (1987) "Imperative sentences usually do not have a subject; they are used to give instructions or commands." Akka ibsa kanaatti himni ajajaa qajeelfama ykn ajaja kan dabarsu yoo ta'u, matimni isaa garuu kallattiin mul'achuu dhiisuu danda'a. Akaakuu hima salphaa keessaa kan biroo immoo, hima gaaffiiti. Gaaffimni ykn himni gaaffii waa'ee waan tokkoo odeeffannoo barbaaduuf akaakuu himaa itti fayyadamnuudha. Himni tokko mallattoo gaaffii ofirraa qabaannaan gaaffima. Kana malees, jechoonni gaaffii kanneen akka maali? Yoom? Attamitti? Eenyuuf? fiwkef gaaffima ta'uu himichaa agarsiisu. Fakkeenyaaf, Eenyutu balbala rukkute? Caalaan maal nyaate? Hawwiin kitaaba maal goote? Tufaan meeqaan kitaaba bite?... Gaaffima ta'uu himoota kanaa jiraachuu mallattoo gaaffiifi jechoota gaaffii kanatu

muul'isa. Hundinuu odeeffannoo garaagaraa barbaada. Himni jalqaba irraa matima, inni itti aanu immoo, antima addaan baafachuuf carraaqqii godhamu waan ta'eef gaalee maqaati jechuu dandeenya. Caasaan dhumarraas, ammanaan (qarshii kudhaniin, lamaan, dhibbaan) jedhaman waan barbaaduuf gaalee durduubeeti. Kana malees, Afaan Oromoo keessatti haalli gaaffii bifa biraa qabaachuu mala. Fakkeenyaaf Sangaan fayyeeraa laata? Eenyu dideree? Himoonni kunneen lamaan immoo, paartikiloota (-ree, laata) jedhamaniifi mallattoo gaaffiitiin gaaffima ta'uun isaanii nibeekama. Gabaabumatti, leeximni gama caasaafi tajaajilaatiin nixiinxalama. Gama caasaatiin gochima tokko qabaachuu qaba. Kanaafuu, ciroon firoomseefi guuchisaa, akaakuu hima kanaa keessatti iddoo hinqaban. Tajaajilaan immoo, leeximni ajajuuf, odeeffannoo dabarsuuf (ta'umsa wayii, raawwii wayii, jiraachuu wayii, raajeffachuufi wkf) ooluu danda'a Addunyaa(2012).

Payne (2006:119) "...to ask question, we use one of the six types of interrogative sentences, including yes/no questions, declarative questions, alternative questions, tag questions and rhetoric questions". Akka waraabbii kanarraa hubatamutti hima gaaffii karaa jahaan dhiheessuun ni danda'ama. Kunis gaaffilee eeyyee/miti, gaaffilee bifa hima eeyyamamaa, gaaffilee filannoo yaadaa agarsiisan, gaaffilee yaada faallaafi/tag questions/ gaaffilee jechoota gaaffii ykn deebii bal'aa barbaadan /wh- questions/ ofkeessaa qabaniin ibsamuu nidanda'a. Karaa biraatiin himni salphaan hima gochimaa ta'uu ni danda'a. Himni kun gochima ta'umsaa bu'uureffachuun ta'umsa waan tokkoo quba nu qabsiisa. Ta'umsis akaakuu odeeffannoo keessaa tokko waan ta'eef, karaa biraatiin himamsa jala galuu danda'a. Fakkeenyaaf, Tolaan barsiisaa ta'e, Oromiyaan biyya Oromooti. Tolaan barsiisaa, Oromiyaan biyya Oromoo ta'uu isaanii himoonni kun lamaan ifatti nutti himu Addunyaa,(2012).

Raawwimni akaakuu hima leexaa (salphaa) ta'ee kan raawwii waantokkoo agarsiisuudha. Raawwiin namicha raawwate irraa gara isa irratti raawwatameetti darbuu ykn darbuu dhiisuu mala. Himoonni kanatti aanan yaada kana dhugoomsu. Fakkeenyaaf, Barataan gara mana barumsaa deeme, Kuusaan kitaaba barreesse. Gochawwan lamaan jalatti raawwataman deemuufi kitaaba barreessuudha. Inni duraa kallattii yoo agarsiisu, gochaan deemuu waan irratti darbe waan hinqabneef, hafoodha. Kan itti aanu immoo, hojiin barreessuu Kuusaa irraa gara waraqaatti darbee kitaaba ta'uu isaa waan mul'isuuf antima qaba. Haata'u malee, lamaanuu raawwii agarsiisu. Fakkeenyaaf, Daakuun nibukaa'e. sibiilli nidiimate, hattootni ni qabaman. Gosni himoota kanaa taasifamaadha. Akkuma olitti kaasne adeemsa darbiinsaatiin kan argaman

ta'ee,caasaa irranaa keessatti kan dhimma itti baanuudha. Matimni himoota kunneenii, caasaa liixaa keessatti argamu. Addunyaa, (2016).

B. Hima Dachaa

Hayyuun Halliday,M,A,K.(1994) "A compound sentence refers to a sentence made up of two independent clauses (or complete sentences) connected to one another with a coordinating conjunction."Akka waraabbiin kun agarsiisutti,himni dachaa hima ciroo of danda'aa ykn himoota sasalphaa lamaafi isaa ol of keessaa qabuudha. Akkasumas walqabsiistota ofdanda'aan kan walitti hidhaman ta'uu nuhubachiisa.

C. Hima Xaxamaa

Himni xaxamaan ciroo ofdanda'aa tokkoofi ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol kan ofkeessaa qabuudha.Lammiifi kanneen biroo (1998) yaaduma kana yoo cimsan, "xaximni Cirro ofdanda'aa tokkoofi ciroo hirkataa tokko ykn gaalima hirkattootaa hedduurraa caaseffamuu nidanda'a.Xaximoonni ciroo ofdanda'aa adda addaa walqabsiistota ciroowwan walqabsiisuudhaan caaseffamuu nidanda'u. Fakkeenyaaf, erga Hirkoon deemee Baay'isaan dhufe. yenna Biiftuun sa'a elmitu Tolaan dallaa ijaara.Xaximootni fakkeenya armaan olii keessatti caaseffaman gaalimoonni muummichaa ykn ciroo of danda'aafi hirkattootni ykn ciroo hirkataa walqabsiistota hirkataadhaan walqabsiifaman. Walqabsiistuuwwan kunneen matima gaalima hirkataa dura ykn booda caaseffamu. (Lammiifi kaawwan,1998).

D. Hima Dachaa Xaxamaa

Himni dachaa xaxamaa ciroo ofdanda'aa lamaafi isaa oliifi ciroo hirkataa tokko yookiin isaa ol kan ofkeessaa qabuudha. Waraabbiin armaan gadiitis yaada kana dhugoomsa.

The compound-complex sentence consists of two or more independent clauses and one or more dependent clauses. This syntactic shape is essential in representing complex relationships and so is frequently put to use in various forms of analytical writing, especially in academic writing. It is also probably true that the ability to use compoundcomplex sentences elevates a writer's credibility: it demonstrates that he or she can bring together in a single sentence a range of different pieces of information and order them in relationship to each other (Greenbaum,1988:98)

2.6. Yaadrimee Caasaa

Nasir,(1972) caasaan hiika bal'aafi dhiphaa qabaachuu isaa ibsa. Hiikni caasaa inni dhiphaan kaayyoofi tooftaa afaan barsiisuu duubatti hafaafi mala jechoonni adda addaa hima sirrii ta'e ijaaruuf qindaa'an irratti kan xiyyeeffatuudha. Kana malees dameewwan afaanii keessaa hima irratti kan xiyyeeffatuufi caasaa afaanii isaan xixiqqoodhaaf xiyyeeffannoo kan hin kennine ta'uu isaati. Kanaaf akkaataa hiika kanaatiin kaayyoon barnoota caasaa himoota sirrii ta'an ijaaruu danda'uudha (Nasir,1972).

Ur,(1996) yaaduma kana yemmuu cimsu "Structurer is some times defined as the way the words are put together to make correct sentences,"jedha.Akka waraabbii kanaatti xiyyeeffannoo guddaan adeemsa baruufi barsiisuu keessatti kennamu haala qindoomina himaa waan ta'eef barattoonniifi barsiisonni waliin dubbii yookiin shaakala dubbiiitiif bakka hin kennan.Haata'u malee, gosti hiika caasaa kun akka Atkinsfi kanneen biroo (1995) fi Nasir (1972) jedhanitti adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti gahee mataa isaa qaba.Kunis walitti dhufeenyi jechootaa hiika yookiin ergaa tokko dabarsuuf baay'ee barbaachisaa akka ta'e kan hubachiisudha.

Hiikni bal'aan immoo, caasaa afaanii xiqqaadhaa hanga guddaatti jiran irratti kan xiyyeeffatuudha.Kana jechuunis sirrummaa qindaa'ina kutaalee afaanii irratti qofa kan xiyyeeffatu osoo hin taane, waa'ee hiikaatis kan kaasuudha (Ur, 1996). Akka yaada hayyuu kanaatti rakkooleen walquunnamtii afaan lammaffaa keessatti mudachuu danda'an garaagarummaa hubannoo caasaa irraa kan maddaniidha. Hiikni kunis gaaffilee,"wantootni hiika caasaa dhiphaafi isa bal'aa walfakkeessu maali?" qabxiwwan gargar isaan taasisan maalfa'i? jedhan deebisuu kan danda'uudha. Qabxiileen akaakuu hiikaa kana lamaan walitti fidan keessaa inni tokko, himni akka qaama afaaniitti fudhatamuufi tartiibni jechootaa bakka guddaa qabaachuu isaati. Akka hiika kanaatti caasaan afaanii martuu erga hiika qabaatanii (sagaleerraa hanga qaamota isaa olitti jiran) fudhatama qabu. Kana malees hiikni kun walitti bu'iinsa yaaxxinoota afaan lammaffaafi isa duraa kan salphisuudha (Nasir,1972).Dabalataanis Barnoota afaanii keessatti seera afaanii eeganii fayyadamuufi waliigaltee uumuu irratti kan xiyyeeffatuudha. Haata'u malee rakkoo guddaan ilaalcha kanaa seerri altokko caasaa tokko keessatti fayyadu si'a biroo seeraan ala ta'uu isaati(Atkinsfi kanneen biroo, 1995).

2.6.1. Gahee Caasaan Barnoota Afaanii Keessatti Qabu.

Brumfit (1991) akka ibsetti gahee caasaan barnoota afaanii keessatti qabu ilaalchisee yaada lamatu jira. Isaan keessaa inni tokko caasaan barnoota afaanii keessatti bakka guddaa qaba kanneen jedhaniifi adeemsa waliigaltee uumuu keessatti kan baay'ee fayyadu waan hin taaneef xiyyeeffannoo guddaa kennuufiin hin barbaachisu kan jedhaniidha. Gareen caasaadhaaf bakka guddaa hin kennine kun afaanichaan dubbachuu malee caasaa isaa barachuun akka hin barbaachifne yoo ibsan, caasaa barachuun ni barbaachisa warri jedhan ammo, barataan caasaa waa'ee afaan sanaa hin beekne afaanichas akka hin beekne ibsu.

Yaada hayyootni gahee caasaa irratti kennan armaan olii keessa garaagarummaa yaadaa lamatu jira. Isaanis, caasaan barnoota afaanii keessatti barbaachisaa ta'uufi caasaan hin barbaachisu yaada jedhutu ture. Caasaan barnoota afaanii keessatti hinbarbaachisu yoo jenne afaan sanaan hin barreessinu jechuudha. Afaan tokko immoo, afaan dubbii qofa ta'ee hinhafu. Ittiin barreeffamuun isaa hin oolu jechuudha. Ittiin barreeffamuuf immoo caasaa mataa isaa kan haala qindoomina sagaleeirraa kaasee hanga himootaatti to'atu qabaachuu qaba. Kanaafuu, yaadni hayyoota caasaan barnoota afaanii keessatti barbaachisaadha jedhu fudhatama guddaa qaba jechuudha.

Walumaagalatti barnoonni caasaa barnoota afaanii keessatti bakka guddaa akka qabu hayyoonni garagaraa ni ibsu. Kunis dandeettii afaanii kamiifuu barbaachisaa ta'uu isaa irraa kan ka'e xiyyeeffannoon barnoota caasaa dandeettiifi seera afaanii irratti ta'uu akka qabu (Geetaachoon ,1995), ibseera. Dabalataanis akka ibsa hayyuu kanaatti caasaan akkaataa afaan ittiin hojjatu kan qaaccessu waan ta'eef jechoota afaan keessatti hojjiirra oolan hunda uunkaa isaan qabaniifi akkaataa hawaasni afaan sana haala hiika qabeessa ta'een dubbiiifi barreeffama ittiin ijaaruun barattootatti kan agarsiisu waan ta'eef faayidaan isaa guddaa akka ta'e ibseera. Kanamalees, faayidaa caasaa ilaalchisee, Harmer,(1991) fayyadamtoota afaanii ciccimoo ta'aniif beekumsi caasaa bu'uura akka ta'eefi beekumsichi barattootaafis barbaachisaa ta'uusaa kan agarsiisu akka ta'e ibseera. Dimshaashumatti yaadni kun, karaa sirrii ta'een ergaa dabarsuuf beekumsi caasaa faayida-qabeessa ta'uusaa kan ibsuudha.

Ur, (1988) yaada kana akka armaan gadiitti ibseera.

“There is a set of rules which governs how units of meanings may be constructed in any language. We may say that a learner who knows grammar

is one who has mastered and apply these rules to express him or herself in what could be considered acceptable language forms.” (Ur.1988:4)

Akka waraabbii kanarraa hubatamutti dandeettii caasaa gonfachuun seera afaaniitti fayyadamuun akka gaariitti of ibsuu kan dandeessisuufi dandeettiiwwan kanneen birootti sirriitti fayyadamuuf riqicha ta'ee kan tajaajiluudha. Kanamalees, beekumsi caasaa dandeettii barreeffamaa gabbifachuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uusaa, Raimes, (1983)fi Stoddard,(1981) ni ibsu. Walumaagalatti afaan barreeffamaa uunkaa dhaabbataa ta'e akka barbaadu erga ibsanii booda, haala bu'a qabeessa ta'een barreessuun ogeessakan barbaadu ta'uu baatuuyyuu caasaa seeraan beekuun yaada tokko haala qindaa'ina qabuufi ifa ta'een dhiheessuun adeemsicha akka salphisu ibsu. Kunis afaan kan caasseffamu seera irratti hundaa'uun akka ta'eefi seerota hin beeknu taanaan walii galuun rakkisaa akka ta'e, akkasumas seerotaan alatti dubbiiis ta'ee barreeffamni bu'a qabeessa ta'uu akka hin dandeenye kan ibsuudha. Hayyoota barnoonni caasaa, barnoota afaanii keessatti gahee guddaa qabaachuusaa ibsan keessaa Ellis,(1990) adeemsi caasaa barsiisuu dhaabbataa ta'ee cimuu akka qabuufi qophii sirna barnootaa keessattis calaqqisuu akka qabu, akkasumas haala gahumsa barattoonni afaan irratti qabaniin yommuu ilaalamu bu'aa guddaa qabaachuu isaa qorannoo isaatiin erga ibseen booda gaaffii “Caasaan barnoota idileetiin cimee kennamuu qabaa? jedhuuf deebii eeyyee jedhu deebisuun barbaachisummaa isaa mirkaneesseera. Dabalataanis caasaan addatti ibsamuun yookiin qophii barnootaa keessatti irratti xiyyeeffachuun dhiheessuun barbaachisaa waan ta'eef barattoonni addaan baasanii beekuu akka qaban ni ibsa. Yaaduma kana Ur,(1988:4) yoo cimsu “There is no doubt that knowledge explicit or emplicit of structure rules is essential for the mastery of a language: you can't use words unless how they should be put together “jechuun ibsa. Waraabbii kanarraa kan hubatamu beekumsi caasaa dandeettii afaanitti haalaan fayyadamuu gonfachuuf barbaachisaafi bu'uura ta'uusaati. Walumaagalatti hayyoonni garaa garaa caasaan barnoota afaanii keessatti bakka guddaa qabaachuu isaa ibsuun waliigaltee bu'a qabeessa ta'e taasisuu keessatti beekumsi caasaa barbaachisaa ta'uusaa agarsiisaniiru. Kanaafuu haalawwan waliigaltee ittiin ijaaramu keessaa tokko caasaa ta'uusaa yaada hayyoota kanaa irraa hubachuun ni danda'ama.

2.6.2. Gahee caasaan Afaan Dhalootaa Barachuu Keessatti Qabu

Namoonni sababii afaan dhalootaa isaanii barataniif qabu. Jalqaba yaada kan ittiin guddifatan, muuxannoo isaanii kan ittiin gabbifatan, hawaasa isaanii kan ittiin ijaarratan, seerota kan ittiin

tumatan,duudhaa yaadaafi abdii kan ibsatan afaan isaaniitiin waan ta'eef, .kanarra darbee ammoo afaan dhalootaa kan hawaasichi walqixxummaan maatii isaafi maatiin alatti akka garaasaa ittiin waliigalu akkasumas, meeshaa aadaa ,barsiifata ,duudhaasaa dhaloota dhufuuf ittiin dabarsuudha. Dabalataanis, gareewwan hawaasa garaagaraa eenyummaa isaanii kan ittiin ibsatan, kaanirraa kan adda ittiin ofbaasanidha.

Daa'imman afaan dhalootaa isaanii akka baratan jajjabeeffamuu qabu.Sababni isaas ofitti amanuu akka horatan ofiifi kanneen birootiifis kabaja akka kennaniifi dinqisiifatan, hawaasa aadaan hedduun keessatti argamu keessatti waan isaan adda baasu akka hubatan, akka kabajaniifi dinqisiifatan waan isaan fayyaduufi gaaffilee dhuunfaa naannoofi hawaasaa irratti ka'aniifis deebii gahaa argachuuf kan isaan gargaaru waanta'efi.Kanaafuu afaan barachuun mirga afaan ofii barachuu kan kennu ta'uun alatti faayidaa diinagdee, siyaasa,hawaasummaafi xiinsammuus niqabaata.Kanarraa kan ka'e barattoonni afaan dhalootaa barachuuf gara mana barumsaa deemuun akka isaan barbaachisu dubbachuun nidanda'ama.

Akka Hallidayfi kanneen biroo (1964)tti afaan dhalootaa barsiisuuf haalawwan akka qajeelfama ijootti lakkaa'aman kanneen akka,haala dhiheenya, ajaja(prescriptive)fi ibsituu (descriptive)fayyadamuun gaariidha.Tasfayeen, (1981) waa'ee isaan kanaa yoo ibsu, haala dhiheenya bu'aawaatiin barsiisuun barataan tajaajila afaan dhalootaa caalaatti akka gabbifatu kan gargaaruufi bal'inaan kan ibsamus dubbiifi barreeffamaan akka ta'eedha. Bu'aawaa jedhamuun isaas barataan ofiin burqisiisee kan dhiheessu waan ta'eef jedha. Haala ajajaatiin afaan barsiisuun ammoo akkuma maqaa isaarraa hubatamutti adeemsa barumsaa keessatti kana jedhi; kana hin jedhin kan jedhuudha. Akka dura ibsamee turetti daa'imman yogguu gara mana barumsaatti dhufan haalli haasawaa garaagaraa naannoo isaanii irraa itti baranii dhufan ni jiraata.Mana barumsaa keessatti garuu haala wanta jedhamuufi jedhamuu hinqabneerratti sirreeffama itti fudhatan yogguu mudatu haala dhiheenya ajajaa kana jalatti kan ramadamu ta'a. Bal'inaan garuu malli kun afaan dubbiifi barreeffamaa adda baafachuun afaan waliigaltee guyyuufi haala waliigaltee hawaasaa adda baafachuuf kan tajaajilu ta'uusaa ibsa.Inni biroo haala dhiheenya ibsituu yogguu ta'u akka hayyuun kun ibsutti amalli haalli dhiheenya kun addatti ittiin beekamu qaaccessa afaaniirratti xiyyeeffachuusaa yoo ta'u, dameewwan afaanichaa garaagaraa qaaccessuun waa'ee afaanichaa kan barsiisuudha. Kanaafuu, haala dhiheenya kanaan afaan barsiisuun caasluga afaan barnootaaf dhihaate sana agarsiisaa dhiheessuudha. Kana jechuun haala ijaarsa jechootaa haala caasaa himaafi hiika galumsa jechootaa, sadarkaa

sadarkaadhaan adda baasanii himuudha. Kunis amala sagalee, olka'iinsafi gadbu'iinsaa kan dabalatuudha.

Daa'imman kamiyyuu afaan dhalootaa barachuuf gara mana barumsaa osoo hindeemin dura gahumsa afaan dhalootaa isaaniitti fayyadamuu niqabaatu. kana jechuun caasluga afaanichaa ni beeku jechuudha. Dhugumatti akka dandeettiifi beekumsa barnootaan argame sanaatti dameesaa adda baasanii maqaan waamuun, xummura, maqaa hinjedhiin maleedogongorri yogguu uumamu kan itti dhagahamuufi karaa isaanitiinis kan sirreessan akka ta'e akkasumas kamtu dursee kamtu akka itti aanus kan baran ta'uusaanii hayyoonni akka (Greenbaum,1988),(Hallidayfi kanneen biroo 1964) ni ibsu. Haata'u malee, afaan dhaloota isaanii mana barumsaatti karaa idilee ta'een barachuun isaanii dandeettii itti fayyadamiinsa afaanii gabbisuufi sirriitti beekuun ga'umsaafi to'annaa fooyya'aa ta'een itti fayyadamuu isaan dandeessisa. (Greenbaum, 1988)

Walumaagalatti, faayidaawwan gurguddoo barnoota afaan dhalootaa irraa argaman dimshaashessuun yoo ilaallu barattoonni waa'ee naannoo isaaniifi addunyaa itti jiraatanii akkasumas wantoota waliigalatti beekuu qaban keessaa waa'ee uumamaafi tajaajila afaanii beekuun isa tokkoodha. Barataan afaanii, afaan dhalootaatti fayyadamuun naannoo isaafi of ibsuu danda'uurra darbee haalli tokkoon tokkoon namoota afaanitti fayyadaman sadarkaa muraasaanis ta'u kan biroorraa adda ta'uusaafi garaagarummaan haala afaanitti fayyadamuu kunniin walitti dhufeenya isaankan waliinii kan agarsiisan ta'uun isaanii faayidaa afaanicha barachuuirraa argamuudha. (Greenbaum 1988).

Beekumsi caasluga adeemsa baruufi barsiisuu keessattis faayidaa ni qaba. kanneen keessaa inni tokko hojii barreessuufi dubbisani hubachuu yoo ta'u,wantoota daree keessatti barreeffamaniis haata'u, osoo hin barreeffamiin dhihaatan keessatti hojiin akkaataa galumsa walmakaa hiikuufi hubachuu baay'inaan hojii caaslugaati. Dabalataanis sirna tuqaalee ta'uu qabu barreeffama keessatti fayyadamuuf barbaachisaadha. Greanbaum (1988) ibseera.

Caasaan afaanii karaa garaagaraatiin dhiyaachuu ni danda'a. Bu'uuruma kanaan Harmer, (1995) akka ibsetti haalawwan dhiheenya qabiyyee caasaa barnootaa kan jedhaman haala dhiheenya dursanii fakkeenya shaakalsiisuun seera baarsiisuu ykn seera dura barsiisuun fakkeenya shaakalsiisuu, haala dhiheenya bu'aa, haala dhiheenya quunnamtiifi haala dhiheenya caasaa akka dandeettiitti dhiheessuun fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e hayyuun kun ibseera.

Dabalataanis iftummaa, dhugummaa, barbaachisummaafi madaalawaa ta'uu akka qaban itti dabaluun addeesseera.

Haalawwan dhiheenya bu'uura ta'an keessaa inni tokko haala dhiheenya dursanii fakkeenya shaakalsiisuun seera barsiisuuti. Qabiyyee caasaa haala dhiheenya kanaan barattoonni gilgaalota erga hojjatanii booda seera isaa ofiin akka bira gahan taasisuudha (Cunning Worth 1995). Kana malees, haalli dhiheenya dursanii fakkeenya shaakalsiisuun seera barsiisuu barattoota hirmaachisuun, moodeela afaanichaa irra deddeebi'anii akka ilaalan kakaasuu, gochaalee waa qaaccessuu, walitti fiduufi addaan baasuufaa waan dabalatuuf fedhii barachuuf qaban akka dabalu kan gargaaruudha.

Haalli dhiheenya inni lammaffaa ammoo seerri ifatti erga taa'een booda barattoonni caasaa afaanichatti haalaan fayyadamuun gilgaalota dhihaatan karaa shaakala too'atamaa ta'een kan hojjetaniidha. (Freeman, 1991). Haala dhiheenya kam wayya? Gaaffii jedhuuf hayyoonni deebii adda addaa qabu. Haala dhiheenya seera dura barsiisuun fakkeenya shaakalsiisuun barattoonni seera caaseeffama sanaa waa'ee haala galumsaafi hiika isaa ibsa ifa ta'e waliin waan argataniif barachuun itti salphata. Gama barsiisotaatiin immoo yeroo qusataaf. Keessattuu gaaffilee barattoonni caasaa ilaalchisee kaasaniif deebii kennuufi gargaaruuf karaa salphaa yoo ta'u, kaayyoon isaas barattoonni afaanicha waliigalteef fayyadamuu akka danda'an kan gargaaruudha. Stern, (1992) akka saayinsii barnootaatti haala dhiheenya dursanii fakkeenya shaakalsiisuun seera barsiisuu barattoonni seera afaan isaanii ofiin akka shaakalan waan jajjabeessuuf filatamaa ta'uusaa ibsa.

Haata'u malee, CunningWorth (1984) haalli dhiheenya gosa lachuu dadhabbinaafi cimina mataa isaanii waan qabaniif haala dhiheenya kanniin keessaa tokko fayyadamuun yookiin inni tokko isa biroo ni caala jechuun dogoggora akka ta'e ibsa. Kanaafuu lamaanuu waliin makuun fayyadamuun filatamaa ta'a jechuun ibsa.

Kana malees, caasaan himaa akkaataa bu'aa irratti xiyyeeffateen dhiyaachuu ni danda'a. Xiyyeeffannoon isaas akkaataa ijaarsa uunkaa afaan kaayyeffame sanaa irrattiidha. Akkaataa kanaan adeemsa baruufi barsiisuu keessatti sadarkaalee furtuu ta'an lama keessa darbuun barbaachisaadha. Inni jalqabaa ciicata haaraa afaanii barachuu yoo ta'u, kaayyoon isaa inni guddaan xiyyeeffannoo barataa ofitti harkisuun uunkaalee caasaa adda ta'an hubatamaa (noticeable) gochuudha. Lammaffaan ammoo haalli dhiheenya bu'aa bu'uureffate barataan

beekumsa afaanii seeraan akka ijaarratu kan taasisuudha. Kana malees barattoonni unkaalee afaanii tokko tokkoon adda baasanii akka ibsan,akka jijjiiran,deebisanii akka ijaaraniifi seerri caasaa akkamitti akka hojjeturratti hubannoo akka argataniif carraa kenna (Batstone,1994).

Akkaataan dhiyeenya caasaa inni biraa immoo kan quunnamtii bu'uureffateedha. Akka Batstone (1994) ibsetti, haalli dhiheenya quunnamtii/adeemsa bu'uureffate barattoonni afaan sanatti fayyadamuun waliigaltee hiika qabeessa ta'e akka taasisan kan dandeessisuudha.Kana malees, shaakala bal'inaan taasifamu keessatti barattoonni beekumsa caasaa karaa sirrii ta'een akka gabbifatan gargaara.Mala kana keessatti caasaa barsiisuun unkaa ykn caasaa afaanichaa qofa osoo hin taane,seera afaanichaatti dhimma bahuun waliigaltee uumuu danda'uu irratti kan xiyyeeffatuudha. Haalli kun barattootni daree keessattis ta'ee, dareen alatti wal quunnamtii taasisaniin caasaa kan wal irraa baratan ta'uu isaaniiti. Kana malees, adeemsa kana keessatti hirmaannaan barattootaa olaanaa waan t'eef maddi beekumsaa barsiisaafi barattoota akka ta'e ni hubatama. Akkasumas, garaagarummaa bu'uuraa haala dhiheenya bu'aafi adeemsa yoo ilaallu,inni jalqabaa uunkaarratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u inni lammataa ammoo itti fayyadamiinsa afaanichaarratti kan xiyyeeffatuudha.

Batstone, (1994) caasaan akka dandeettiitti yemmuu dhiyaatu barattoonni caasicha akka hordofan irraa eegama.Yommuu gilgaalota hojjatanis haala itti fayyadamiinsa afaanii irratti xiyyeeffannoo taasisu.Keessattuu gilgaalota dhaggeeffachuufi dubbisuu bal'inaan kennuudhaan hojiirra ooluu danda'a. Kaayyoon haala dhiyeenya caasaa kanaa afaanicha akka dandeettiitti barsiisuu, garaagarummaa haala dhiheenya bu'aafi adeemsa gidduu jiru walmadaalawaa taasisuudha.Barattoonni qabiyyeewwan baratan irratti shaakala yemmuu taasisan too'annaa gahaan yoo hin taasifamne uunkaa caasaa baratan sana dhiisaa deemuu danda'u. Kanaafuu, caasaan haala dhiheenya bu'aa bu'uureeffachuun dhihaatu carraan gara adeemsa bu'uureffatetti deemuufi guddachuusaa xiqqaa ta'a. Kanarraa kan ka'e barattoonni akkaataafi hamma ta'uu qabuun beekumsicha qindeeffachuu waan hin dadeenyef haala dhiheenya bu'aafi adeemsa bu'uureffate gidduu hanqinni jiraachuu mala. Hanqina kana guutuun akka danda'amuuf haala dhiheenya caasaa akka dandeettiitti dhiheessuun hojiirra oolchuun barbaachisaadha (Batstone, 1994).

Karaa biraatiin immoo caasaan haala ifaafi salphaa ta'een dhiyaachuu ni danda'a. Akka Harmer,(1987)fi Swan,(1994) ibsanitti qabiyyeewwan caasaa barattootaaf dhiyaatan, ibsoonni,

fakkeenyonni, ajajaafi gilgaalonni ifaafi kanneen hin mamsiisne ta'uu qabu. Iftummaan akka jiraatuuf ammoo, haala dhiheenya duraa duuba eeggate, fakkeenyo ta kan dabalate, qabxiilee gurguddoof xiyyeeffannoo kan kennuufi dhimmoonni shakkiirraa walaba ta'an jiraachuu qabu. Edge, (1993) yaaduma kana yogguu ibsu gilgaalonni daree keessattis ta'e, akka hojii manaatti kennaman ajaja ifa ta'e qabaachuu qabu. Gaaffileen gilgaalotni sun jalatti dhihaatan hunduu akkaataa ittiin hojjatamuu qaban ilaalchisee fakkeenya ifa ta'e dhihaachuu qaba. Seeronni caasaa salphaa, ifaafi walxaxaa kan hintaane ta'uu qabu. Seeronni ifa ta'uu dhabuun akkasumas, haalli dhiheenya caasaa jechaafi himaa walxaxaa ta'uun ibsi waa'ee seerota sanaa irratti dhiyaate ifatti akka hin hubatamneef danqaa ta'a. Kanaafuu, iftummaan dhiheenya caasaa keessatti qabxii ijoo xiyyeeffannoo guddaa barbaaduudha (Swan, 1994).

Madaalummaan ulaagaa qabiyyeewwan afaan kaayyeffame sanaa haala walfakkaatuun dhihaachuu isaanii kan ilaallatuudha. Kunis ibsa ykn hiika itti kennameen, fakkeenyo taan, baay'inaafi hamma qabiyyee kitaaba sanaa keessatti qabaniin walsimachuu qabu. Ulaagaa kanarratti hundaa'uun caasaan himaa gabateen, ibsaan, fakkeenyaafi bifa gilgaalaatiin dhihaachuu danda'u. Fkn. iddoo duwwaa guutuu, himoota tartiibessuu, hiika jechootaa, gaalewwaniifi himootaa kennuun dhihaachuu danda'u (Harmer, 1987).

Qabiyyeen caasaa haala kanaan dhiyaatu barattoonni seera afaanichaa karaa hiika qabeessa ta'een sirriitti beekuun sirnaan akka itti fayyadaman kan dandeessisu ta'uufi kaayyoo kana galmaan ga'uufis barnootichi uunkaa, hiikaafi akkaataa galumsa afaanichaa kan hammate ta'uu qaba (Wilkins, 1972). Akkaataa dhiheenya caasaa ilaalchisee kutaaleen garagaraa afaan kaayyeffame sanaa, uunki, hiikniifi akkaataan galumsaa haala walmadaaluun dhihaachuufi barsiifamuu qaba (Ur, 1988:203).

2.6.3. Haala Madaallii Qabiyyee Kitaaba Barnoota Afaanii

Adeemsa sagantaa qophaa'ina qabiyyee afaanii keessatti qaamni qabiyyicha qopheessuun dhiyeessu galma gahumsa qabiyyee dhiyaatu tokkoof qooda guddaa qaba. Qaamni qabiyyee barnootaa qopheessu akaakuu qabiyyee dhiyaatu sanaa qofa osoo hintaane, akkaataa qindoomina dhiyaannaa qabiyyichaa illee adda baasuun dhiyeessuu barbaachisa. Adeemsa baruufi barsiisuu mijataa taasisuuf qabiyyeewwan hammatamuu qaban murteessuufi sadarkeessuun tooftaa qindoomina qabiyyeewwan dhiyaatuu keessaa tokkoodha (Sharmafi Tuteja, 2005).

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubannu: Madaallii kitaabaa keessatti adeemsaafisadarkaan qindoomina qabiyyee barnoota afaanii dhiyaatan qoqqooduun agarsiisuufihaala qindoomina qabiyyeewwan afaanii qoqqoodaman sana akkaataa sadarkaalee dhiyaachuu qabaniin walduraa duubaan qabiyyee barnoota afaanii keessatti ittiin dhiyaatan jechuudha. Adeemsi akkasii kunis tooftaa walii gala qabiyyeewwan barnoota afaanii ittiin dhiyaatan, argamuu qabaniifi kan barbaachisaa ta'eedha. Haaluma kanaan qopheessitoonni, qabiyyee barnoota afaanii keessaa kan jechootaafi himootaa qopheessan gama kanaan bifa walfakkaatuun kan qooda fudhatan ta'uu isaanii hubachuun nidandaa'ama. Kun immoo, gama murteessuun qopheessitonni yammuu qabiyyee jechootaafi himoota afaanichaa dhiyeessan haala qoqqoodiinsa sadarkaa adda addaa jechoonniifi himoonni Afaan Oromoo itti ijaaramuu dandaa'an dhiyeessuu jechuudha. Kana malees, sadarkeessuun immoo haala qindoomina qabiyyee jechootaafi himootaa akkaataa adeemsa baruufi barsiisuu mijataa uumuu danda'uun caasaa salphaa gara xaxamaatti duraa duubaan dhiyaachuu qabaniin qopheessuun dhiheessuu jechuu akka ta'e hubanna.

2.6.4. Ulaagaa Kitaabni Barnootaa Dhiyaatu Tokko Guutuu Qabu.

Kitaabileen qabiyyeewwan afaanii guutuun dhiyeessan hedduudha. Kaayyoon isaanii qabiyyeewwan afaanii akka waliigalaatti dhiyeessuudha. Kitaabilee barnootaaf kanneen gabaarraa bitaman gidduu garaagarummaa guddaatu jira. Kitaabileen barnootaaf dhiyaatan qabiyyee barataman haala baruuf barsiisuuf toluun qindeessee dhiyeessa. Kana malees, qabiyyeewwan walitti fufaafi adeemsa sagantaa barnootaa walqabataa ta'an dhiyeessa. Qabiyyeen dhiyaatus salphaa gara walxaxaatti deema. Qindaa'inni kun immoo akaakuu qabiyyeewwan afaanii dhiyaatanii irratti hundaa'uun kan dhiyaatuufi hammatamuudha (Mc Donough and Snaw, 1993; Cunningworth, 1995). Haaluma walfakkaatuun barreessitoonni kun ulaagaa kitaabni barnootaa dhiyaatu guutuu qabu: daangaa qabaachuu, ifummaa, yaadrimee, barbaachisummaa akka ta'an ibsu. Kanaaf kitaabni barnootaa qabiyyee afaanii baruu barsiisuuf dhiyaatu daangaa tajaajila unkaa dhiyaatee ifa taasisuuf; qabiyyeen dhiyaate ifaafi kan ergaa dabarsu ta'uu; qabiyyee dhiyaatu salphisee dhiyeessuu; yaadrimee dhiyaatu walxaxaa ta'us, jechootaafi himoota salphaa ta'een dhiyeessuufi kan sadarkaafi fedhii barattootaa giddu galeessa godhate ta'ee dhiyaachuu qaba.

2.7. Sakatta'a Hojiilee Walfakkaatanii

Mata duree kana jalatti qorannoowwan hanga ammaatti hojjetaman keessaa kan mata duree qorannoo "Qaaccessa haala dhihaannaa caasaa himootaa waliin wal fakkeenya qabantu akka armaan gadiitti dhiyaate. Mulugeeta,(2012),”Qaaccessa Dhiyaannaa Qabiyyee Jechootaafi Himootaa KB. Afaan Oromoo Kutaa 10^{ffaa}.” mata duree jedhurratti qorannoo gaggeessee yaada isaa bal’inaan ibseera. Argannoo isaatiinis haala dhiheenya himaa Afaan Oromoo irratti hanqinni jiraachuu isaa ibseera. Akkasumas KB. Afaan Oromoo keessatti qabiyyee himootaafi qooddii himootaa ilaalchisee qabxiileen dhiyaatan muraasa ta'uu isaafi garaagarummaa qabaachuu isaanii mirkaneesseera. Argannoo isaa irraa ka'uun qopheessitoonni yeroo kitaaba qopheessan ulaagaalee meeshaaleen barnootaa tokko guutee dhihaachuu qabu ilaalcha keessa galchuun qopheessuu akka qaban eeree jira. Kanaaf qorannoo kun qabiyyee caasaa himaa irratti waan xiyyeeffatuuf kallattiidhaan mata duree qorannoo kanaa wajjiin walfakkaata. Garaagaummaan isaa immoo, qorannoon Mulugeeta, kitaaba Afaan Oromoo isa duraa ykn maxxansa hanga bara 2004 A.L.I hojiirra ture irratti kan gaggeeffame yommuu ta'u, qorannoon kun garuu, kitaaba isa fooyya'ee qophaa'e kan bara 2005 A.L.I hojiirra oolee hanga ammaatti hojjetaa jiru irratti kan gaggeeffame ta'uu isaati. Gurmeessaa.(2015) “Qaaccessa Caasaa Jechaafi Hima Afaan Oromoo Kitaabilee Barnootaafi Kitaabilee Wabii.” jedhurratti qorannoo gaggeesseera. Akkaataa qorannoo isaatiin caasaa hima Afaan Oromoo dhiyeessuu irratti KB., qajeelcha barsiisaafi kitaabilee wabii (Furtuufi Bantuu haaraa) keessatti rakkooleen garaagaraa akka mul'atan argannoo isaatiin ibseera. Qoratichi rakkoolee kanaafis yaada furmaataa eeree jira. Kunis qopheessitoonni meeshaalee barnootaa dhimma caasaa himaa irratti xiyyeeffannoo guddaa akka gochuu qabanitu akeekame.

Shifarrow (2017), mata duree” Xiinxala Caasaa himaa KB. kutaa 11^{ffaa}, Caasluga Afaan Oromoo jildii 1, furtuufi Tuujubaa irratti gaggeesseera. Argannoon isaas: Kitaaba wabii Tuujuba keessatti fakkeenya hima dachaa xaxamaatiif dhiyaate kan hima dachaa ta'uufi himoonni kunneen ciroo of danda'aa lama of keessaa qabaachuu isaanii, Kitaaba wabii Furtuu keessatti akkaataan dhiheenya fakkeenya hima dachaa xaxamaa hanqina akka qabu qorannoo isaa kanaan bira gaheera. Garaagarummaan qorannoo Shifarrowfi qorannoo kanaa kan shifarrow: kitaaba kutaa 11^{ffaa}fi kitaabilee wabii walbira qabuun bifa madaalliin kan dhiheesse yommuu ta'u, qorannoon kun garuu, kitaabilee barnootaa kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} qofa walbira qabuun kan dhiheesse ta'uu isaati.

3. BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti qabxiilee saxaxa qorannoo, madda odeeffannoofi filannoo iddattoowwanii, meeshaalee funaansa odeeffannoofi mala qindaa'ina qorannichaa akkasumas adeemsa qorannoon kun ittiin adeemsifametu dhihaate.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun qorannoo jiran keessaa qorannoo addeessaa ta'ee, mala sakatta'iinsaan kan adeemsifameedha. Sababni gosa qorannoo ibsaafi mala sakatta'iinsaan akka adeemsifamu ta'eef immoo kaayyoon qorannichaa inni guddaan dhiyaannaa caasaa himootaa KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti mul'atu qaaccessuu irratti waan xiyyeeffatuufiidha. Akkasumas, akkaataa ittiin dhiyaachuu qabu illee qaaccessuun waan ibsuufiidha. Qorannoo kanaan dhiyaannaan himootaa KB. Afaan Oromoo yammuu xiinxalamaa turetti, yaadni barsiisota irraa argaman akka meeshaalee qorannichaatti fudhatamuun ibsamaniiru. Haala dhiyaannaa caasaa himaa KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} -12^{ffaa} keessatti mul'atu adda baasuuf qorannoon kun yammuu geggeeffamu, meeshaalee ragaan ittiin funaanameefi dhiyaate, akkaataan iddattoo filachuu, mala qindaa'inaafi qaaccessi isaa ni ibsameera.

3.2. Madda Ragaa Qorannichaa

Adeemsa qorannoo keessatti maddi odeeffannoo karaa lamaan argamuu kan danda'u yoo ta'u, isaanis madda ragaa sadarkaa tokkoffaafi madda ragaa sadarkaa lammaffaati. Qoratichis yemmuu qorannoo kana geggeessu madda ragaa lamaanuu fayyadamuu danda'eera. Haaluma kanaan afgaaffii barsiisota mana barumsaadarkaa 2^{ffaa} Ukkaafi Qophaa'ina Goree Afaan Oromoo barsiisan jaha irraa kallattiidhaan waa'ee dhihaannaahimootaa irratti odeeffannoo argachuun waan barbaachiseef akka madda ragaa sadarkaa tokkoffaatti mala kana fayyadameera. Akka madda ragaa sadarkaa lammaffaatti immoo, haala dhihaannaa himootaa, qooddii himootaa, waalfakkeenya, garaagarummaa qabaniifi hariiroo kitaabileen barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} waliin qaban qaaccessuuf mala sakatta'a ragaaleetti fayyadamuun kitaabilee barnootaa sakatta'aeera.

3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu Qorannichaa

3.3.1. Iddattoo Qorannichaa

Akka hayyuun Flick (2002) jedhamu hiiketti, iddattoon irraawwatamtoota qorannoon irratti adeemsifamu keessaa odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu akka kennaniif kanneen filatamaniidha. Dabalataanis Dastaan (2013:132) iddattoo yoo ibsu, “Iddattoon adeemsa odeeffannoo qorannoodhaaf filannee jamaa keessaa dhufan sana akka bakka bu’an kan ittiin taasisnu” Jedha. Kanaaf, qorataan qorannoo kanaa odeeffannoo barbaachisu argachuuf mala iddattessuu itti yaadee (purposive sampling) fayyadameera. Sababni mala kanneen fayyadameef barsiisonni jiran baay’ina hin qaban waan ta’eef, itti yaadee hunduma irraa odeeffannoo fudhate.

3.3.2. Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Gareewwan namoota adda addaa dhihaannaa caasaa himootaa irratti odeeffannoo barbaadamuuf gaafachuun hanqina maallaqaafi yeroo irraa kan ka’e baay’ee rakkisaadha. Kanaafuu, filannoo namoota kana maraa bakka bu’an filachuun barbaachisaadha. Kanaaf qoratichi mala iddatteessuu itti yaadee (purposive sampling) fayyadamuun barsiisota Afaan Oromoo barsiisan kan mana barumsaa Ukaa sadarkaa 2^{ffaa} fi kan Mana barumsaa Goree sadarkaa 2^{ffaa} fi Qophaa’inaa filateera. Sababni tooftaa itti yaadee iddatteessuu fayyadameef, mana barumsaa ukkaa sadarkaa lammaffaa keessatti barsiisotni Afaan Oromoo afur yommuu ta’an afran isaaniyyuu carraa tokko malee iddatteeffadheera. Kan mana barumsaa Goree keessaa immoo, barsiisota kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} barsiisan dhiisee barsiisota lama kanneen kutaa 11^{ffaa} fi 12^{ffaa} barsiisan itti yaadee iddatteeffadheera. Sababiin manni barumsaa lama filatameefis mana barumsaa qoratichi barsiisu qophaa’ina ykn kutaa 11 fi 12 waan hinqabneef. Kana malees qorataan kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} itti yaadee kan filateedha. Sababiin isaas qoratichi kitaabilee kanneen irraa yeroo dheeraafbarsiisaawaan tureef.

3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

3.4.1. Sakatta’a Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti, maddi ragaa inni jalqabaafi bu’uuraa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} ti. Kitaabileen kunneen jalqaba kan maxxanfaman Biiroo Barnoota Oromiyaan bara 1988/1996 yammuu ta’u, keessa deebiin fooyya’ee kan qophaa’e bara 1996/2004 ture. Qorannoon kunis maxxansa sadaffaakan 2005/2013 irratti xiyyeeffachuun kan

gaggeeffameedha. Haala dhiyaannaahimootaa kitaabileekanneen keessatti mul'atan ilaalchisee, qoratiichi ragaa funaanuuf kitaaba barattootaatti kangargaarameera. Gama kanaan ragaa barbaachisaafi quubsa ta'an argachuuf, qabxiilee mirkaneessa sakatta'iinsa kitaabilee, caasaa himaa agarsiisan dursee qopheeffachuun sakatta'iinsi akka geggeeffamu taasifameera.

3.4.2. Afgaaffii Barsiisotaa

Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaaname kan biraan afgaaffii barsiisotaaf dhiyaateedha. Gaffileen afaaniin gaafachuuf mijatoo ta'an shan haala banaafi ifa ta'een qophaa'ee barsiisota Mana Barumsaa Ukkaa Sadarkaa 2^{ffaa} fi Qophaa'ina Goree Afaan Oromoo barsiisaniif dhiyaachuun gaafatamaniiru. Baayinni barsiisota afgaaffii filatamanii jaha yoo ta'an, barsiisotni afur mana barumsaa Ukkaa sad. 2^{ffaa}, lama immoo Qophaa'ina Goree irraati. Barsiisotni kunneen afur(4) Dhiira, lama(2) immoo Dubartoota. Sababiin manni barumsaa Goree filatameef manni barumsaa qoratiichi keessaa barsiisu qophaa'ina waan hinqabneef. Afgaaffiin dhiyaate kun barsiisonni haala dhihaannaa caasaa himootaa KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti dhiyaate adeemsa baruufi barsiisuu galmaan gahuu keessatti maal akkafakkaatu yaada isaanii akka jechaan ibsaniif karoorfamee kan dhiyaateedha. Kunis kan gaafatame manabarumsaatti Bitootessa lamaa hanga Caamsaa digdamaatti ture. Akka Bestfi Kahn (1999) jedhanitti, namoonni deebii gaafatamaniif barreefamarra dubbiidhaan deebisuu waan filataniif akkasumas gaafataanis carraa irra deebii'ee gaafachuu waan argatuuf, meeshaan kun filatamaadha. Kanaafuu, qoratiichi yaada kana bu'uureffachuun meeshaalee funaansa odeeffannoo keessaa tokko kan ta'e afgaaffiitti dhimma baheera.

3.5. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Odeeffannoon qorannichaaf walitti qabame, adeemsa odeeffannoo walitti qabuu keessaa sakatta'a kitaabaafi afgaaffiin akka raawwatu taasifameera. Haalli qindaa'ina odeeffannoo qorannoo kanaa immoo, kanadeemsa qorannoo ibsaa hordofee qindaa'eefi qaaceffameedha. Sababni, adeemsa kana akka hordofu taasifameef immoo qorataan haala odeeffannoon ittiin funaanameefi argame irratti hundaa'uun malleen qorannoo qulqulleeffataa fayyadamuun odeeffannoo argame bakka inni ittidihiyeesseefi qindeesse waan mul'ataniif. Haalli qaaccessa odeeffannoo qindaa'anii immoo, ragaan meeshaa qorannoo sakatta'iinsa kitaabaan argame mala qorannoo akkamtaan akka ibsamu ta'eera.

4. BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO, QAACCESSUUFU HIIKUU

4.1. Sakatta'iinsa Dhiyeesa Qabiyyee Kitaaba Barnootaa

Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti haala meeshaaleen barnootaafi qabiyyeen barnootaa ittiin qophaa'u jalqaba irratti adda baasanii beekuun adeemsicha galmaan gahuu irratti kanneen barbaachisan keessaa isa olaanaadha. Haaluma walfakkaatuun, haala kitaabni barnootaafi qabiyyeen barnootaa ittiin dhiyaachuu qabu dursa adda baasuun qopheessuun barbaachisaadha (Mc Donough and Shaw, 1993). Yaada kana irratti hundaa'uudhaan, himoonni kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} irratti qabiyyee boqonnaa kitaabichaa garaagaraa keessatti xiyyeeffannaan sadarkaasaa eegee hammam akka dhiyaateqoratichi sakatta'uun ilaaleera. Kitaabileenkunneenis kan fooyya'anii qophaa'an bara, 2005tti Biiroo Barnoota Oromiyaatti Qajeelcha Qophii, Qo'annaafi Qorannaa Sirna Barnootaatiin ta'ee kitaabni kutaa 9^{ffaa} boqonnaa 18fi ful. 181, kan kutaa 10^{ffaa} boqonnaa 18fi ful. 174, kan kutaa 11^{ffaa} boqonnaa 17fi ful. 224, kan kutaa 12^{ffaa} boqonnaa 18fi ful. 172 qaba.

KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa}f qophaa'an kunis barattoota afaanicha akka afaan dhalootaatti dubbataniif yammuu ta'u, barattoonni kunis gama walquunnamtii afaanichaan taasisuu irratti rakkoo waan qaban hinfakkaatu. Kana malees, barattoota qorumsa biyyoolessaaf qophaa'aniif; kanneen gara kolleejjiifi qophaa'inaatti ce'aniif kan qophaa'eedha. Kanaafuu, qabiyyeen barnooticha keessatti hammatamanii dhiyaachuu qaban kan akaakuu qabiyyee afaanii garaagaraa bal'inaan qabataniifi barattoonni irra caalaa caasaa afaanichaa irratti hubannaa isaanii gabbifataa akka deeman gochuu irra darbee afaan sana barachuuf kaka'umsa guddaa isaan keessatti uumuu kan danda'u ta'uu qaba. Meeshaaleen barnootaa tokko jalqaba irratti yeroo wixineeffamu ilaalcha sadarkaa barattoonni qabiyyee sana baratan irratti argaman hubachuu barbaachisa. Kana malees, qabiyyeen barnootaa sadarkaa sana irratti isaaniif qophaa'u filatamuun dhiyaachuu akka qabu barreessitoonni ni ibsu (Mc Donough and Shaw, 1993; Cunningworth, 1995).

4.2. Qaaccessa dhihaannaa himootaa kitaabilee kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti.

4.2.1. Hiikaafi haala Dhihaannaa Caasaa Hima himamsaa

Mata duree kana jalatti akkaataa dhiheenya hiikaafi caasaa hima himamsaa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannootu dhiyaate. Himni himamsaa hima waantokko ibsuuf, yaada kennuuf, odeeffannoo dabarsuufi waa labsuuf ooluudha. Kana jechuun, himni himamsaa hima dubbiidhaanis ta'e, barreeffamaan dhiyaachuu danda'u ta'ee, odeeffannoo kennuufi yaada ofii ibsachuuf gargaaruudha. Bu'uuruma kanaan akkaataa dhiheenya hima himamsaa ilaalchise fakkeenyi kitaabilee keessaa funaanaman gabatee armaan gadii keessatti kaa'amee jira.

T/L	Kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 9 ^{ffaa} -12 ^{ffaa}	Fakkeenya hima himamsaa	fuula
1	Kutaa 9 ^{ffaa}	_____	
2	Kutaa 10 ^{ffaa}	1. Leenci hoolaa nyaate. 2. Mucaan laaqana nyaate. 3. Inni barataadha. 4. Jarri biqiltuu dhaaban. 5. Gammachuun mana ijaare. 6. Ishiin qalama naaf kennite.	99
		7. Inni dabtara bitate. 8. Adurreen hantuuta nyaatte.	114
		9. Ani turban dhufu biyyan gala. 10. Bokkaan roobe.	115
3	Kutaa 11 ^{ffaa}	1. Lammeessaan laga bu'e. 2. Garasuun jabbii bite. 3. Magartuun fira hinqabdu. 4. Shantameen torban kana dhufti. 5. Lalisaan qonnaan bulaacimaadha.	104
4	Kutaa 12 ^{ffaa}	_____	

Gabatee 1: Fakkeenya caasaa hima himamsaa

Himootni gabatee armaan olii keessatti tarreeffaman kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} irraa kan fudhatamanidha. Fakkeenyoṉni kunneen gilgaala keessatti kan dhihaatan yommuu ta’u, kunis barattoonni caasaa hima himamsaa salphaatti adda baasanii akka hubataniif yaadameeti jechuudha. Haalli dhiheenya kunis hiikaafi caasaa afaanii irratti kan xiyyeeffatu waan ta’eef, fakkeenyoṉni dhihaatan dhugummaafi iftummaa of keessaa qabu. Karaa biraatiin immoo caasaa hima himamsaa ilaalchisee KB. keessatti gilgaalli dhihaate kan shaakala ibsaan duraati. Kunis jalqaba barattootni muuxannoo duraan qaban irraa ka’uun erga gilgaala hojjechuu shaakalanii booda ibsi isaa kan kennameedha. Batstone, (1994:25) haala dhiheenya ilaalchisee ibsa yoo kennu, barattoonni unkaalee afaanii tokko tokkoon adda baasanii akka ibsan, akka jijjiiran, deebisanii akka ijaaraniifi seerri caasaa akkamitti akka hojjeturratti hubannoo akka argataniif carraa kan kennuufidha jedha. Worth, (1995) akkaataa dhiheenya kanaan barattoonni gilgaalota erga hojjatanii booda seera isaa ofiin akka bira gahankan taasisuudha jechuun ibsa.

4.2.2. Caasaa hima gaaffii

Caasaan hima gaaffii akkuma maqaa isaa irraa hubatamu hima waan tokko iyyaafachuuf, waan tokko beekuuf dhihaatu jechuudha. Gabateen armaan gadiis waa’ee hima gaaffii irratti fakkeenyoṉni kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo keessaa walitti qabaman kan nuuf dhiheessu ta’a.

T/L	Kitaabilee A/O kutaa 9 ^{ffaa} -12 ^{ffaa}	Fakkeenya hima gaaffii	Fuula
1	Kutaa 9 ^{ffaa}		
2	Kutaa 10 ^{ffaa}	1. Maqaan kee eenyu? 2. Eessa deema jirta?	114
		3. Yoom dhuftee nagargaarta? 4. Ishiin eessa deemte?	115
3	Kutaa 11 ^{ffaa}	1. Maaliif dhufte? 2. Kitaaba sana bittee? 3. Obboleessi kee eessa jira?	105
4	Kutaa 12 ^{ffaa}		

Gabatee 2: Fakkeenya caasaa hima gaaffii

Himni gaaffii, hima waan tokko beekuuf gaafatamudh.kunis gaaffii gaafachuun deebii barbaachisaa ta'e argachuuf gargaara.Himni gaaffii kan waan tokko iyyaafachuuf gargaaruufi dhuma isaa irraa mallattoo gaaffii kan qabudha. Kunis haala garaagaraatiin dhihaachuu akka danda'u ibsakitaababarataa kutaa 10fi 11 keessatti kaa'ameen hubachuun danda'ameera. Himni gaaffii kitaabilee kutaa 10fi 11 keessatti qofa karaa salphaafi fakkeenyota gaggabaaboo ifa ta'an waliin kan dhihaate ta'uu qaaccessagabatee armaan olii irraa hubachuun nidanda'ama.Akkasumas Swan,(1994:45) qabiyyeewwan caasaa barnootaaf dhiyaatan hamma barataan hubachuufi hojjachuu danda'uu olitti rakkisoo ta'anii dhihaachuu akka hin qabne ni ibsa. Haalli dhiheenya hima gaaffii kitaaba kana keessatti yaada hayyuu kanaafi barsiisotaatiin kan walfakkaatudha. Bu'uuruma kanaan fakkeeniyotni hima gaaffii gabatee armaan olii keessatti kenname kitaaba kutaa hunda keessatti yoo argamuu baatanis kitaabakutaa 10^{ffaa}fi 11^{ffaa} keessatti haala ifaan dhihaataniiru.

Karaa biraatiin immoo, kitaaba barnootaa keessatti akkaataan dhiheenya gilgaala hima gaaffii kan shaakala ibsaan boodaati. Adeemsa kana keessatti barattoonni seera ifatti erga baratani booda caasaa afaanichaatti dhimma bahuun gilgaalota dhihaatan karaa shaakala too'atamaa ta'een kan hojjetaniidha. Gaaffileen armaan olitti dhiyaatan kunneen deebii garaagaraa barbaadu. Kunis akka barattootni daangaa tokko malee ifaafi bilisa ta'anii gaaffii dhiyaateef deebii kennan taasisa. Kana malees haalli dhiheenya gaaffilee kanaa irra caalaa dareen alattis akkaataa waliin dubbiiitiin dandeettii dubbachuu akka gabbifatan ni taasisa.

A. Ani barataa kutaa 11ti.Yeroo hedduu bakka namni baay'een jirutti haasa'uu ykn yaada koo ibsuu nan sodaadha.Dandeettii yoon qabaadhellee ofitti hin amanu.Maal gochuun qaba?

B. Abbaan koo galgala galgala dhugaatii garmalee dhugee dhufa.Yemmuu mana gahu ulee fudhatee hunda keenya reeba.Maal gochuu qabna?

C. Yeroo hedduu kitaaba dubbisuu otoo hinta'in,fiilmii ilaaluun jaaladha.Kun immoo barumsa koo irratti akka dhiibbaa gochaa jiru yoon beekellee,gocha kana dhaabuu hindandeenye.Maal naawayya?

D. Halkan hirribni dafee nahin fudhatu.Ganama immoo yeroodhaan ka'uu hindanda'u.Maal gochuun qaba?

Fakkeeniyotni armaan olii kun KB. kutaa 11^{ffaa} ful. (106) irraa kan fudhatameedha.

Himoonni kunneenis barattoonni gosa himootaa shaakalaan akka adda baafataniif kan dhihaataniidha. Hundi isaaniyyuu hima gaaffiin xumuramaniidha. Yookaan hima gaaffiiti jechuudha. Yeroo kana barattoonnis himoota kanneenitti gargaaramanii gaaffii namoonni gaafataniif deebii kennuu akka danda’an, akkasumas, barattoonni waan akka tasaa gaafataman tokkoof furmaata kennuu akka shaakalaniif yaadameeti.

4.2.3. Caasaa hima ajajaa

Himni ajajaa hima dhaamsa dabarsuuf, yookaan waan tokko akka raawwatamuuf ajaja kennuuf dhimma itti baanu jechuudha. Ajaji hima ajajaa kanaan darbus kan bifa gorsaa qabu ykn bifa dheekkamsaa ofkeessaa qabu ta’uu ni danda’a. Fakkeenyi himoota ajajaa kitaabilee keessaa funaanaan gabatee armaan gadii keessatti eeramanii jiru.

T/L	Kitaabilee A/O kutaa 9 ^{ffaa} -12 ^{ffaa}	Fakkeenya hima ajajaa	Fuula
1	Kutaa 9 ^{ffaa}	_____	
2	Kutaa 10 ^{ffaa}	<ol style="list-style-type: none"> 1. Tapha kana dhaabi. 2. Gara mana barumsaa deemi. 3. Bakka kanaa hindeemin. 4. Lammata mana keenya akka hindhufne. 	115
3	Kutaa 11 ^{ffaa}	<ol style="list-style-type: none"> 1. Karra bani. 2. Laga bu’i. 3. Bishaan waraabi. 4. Utuu kitaaba hinfidin akka hindhufne. 5. Bishaan dhugi. 6. Gonkumaayyuu sana hinyaadin. 7. Sanatti akka itti hinbuune. 8. Ogeessa fayyaa haasofsiisi. 	105
4	Kutaa 12 ^{ffaa}	_____	

Gabatee 3: Fakkeenya caasaa hima ajajaa

Akka gabatee armaan olii irraa hubatamutti himootni ajajaa kitaabilee barnootaa lama keessatti haala ifaata'een dhiyaataniiru. Kunis ajaja qajeelfama waan tokkoo kan dabarsaniifi dhuma irratti tuqaadhaan kan xumuramaniidha. Hayyuun Harmer,(1987:123) yaada kana yoo ibsu,himni ajajaa qajeelfama ykn ajaja kan dabarsu yoo ta'u, matimni isaa garuu kallattiin mul'achuufi mul'achuu dhiisuu danda'a. Bu'uuruma kanaan himoonni kitaabileebarnootaa kutaa 10fi 11 keessatti argaman matima dhokataa qabu. Haata'u malee, matima isaanii tilmaamuun nama hin rakkisu.

Karaa biraatiin immoo gilgaalli hima ajajaa kitaabilee barnootaa keessatti dhihaate kan haala dhiheenya ibsaan boodaa hordofee dhiyaateedha. Kunis barattoonni caasaa afaanichaatti haalaan fayyadamuun gilgaalota dhihaatan karaa shaakala too'atamaa ta'een kan hojjetaniidha (Freeman,1991:103).

C/ Gosa himaa gabatee kanaan gadii keessatti kennaman jalatti himoota mataakeetii shan shan barreessi.

Gabateen kitaaba kutaa 10ffaa keessatti kan dhihaate yoo ta'u, barattoonni gosa himootaa afran baratan yaadatani akka guutaniif kan taa'eedha.

	Gosa Himaa			
Lakk.	Hima Himamsaa	Hima Gaaffii	Hima Ajajaa	Hima raajeffannoo
1				
2				
3				
4				
5				

KB. kutaa 10, ful. 115

Akkuma fakkeenya armaan olii irraa hubachuun danda'amutti gilgaalonni kunneen waan lama of keessaa qabu.Kunis barattootni hima ajajaatti fayyadamanii barreeffamaan gorsa kennuufi gosoota himaa afran yaadatani gabatee keessatti akka guutan yaadameeti. Adeemsa kana keessasgosahimootaa afranuu adda baafachuun gabatee kenname keessatti guutuu ni danda'u.Kana malees himni salphaa dinqisiifannaa ykn raajeffannaa argine,dhageenye ykn nu qaqqabe kan ittiin ibsinuudha.

4.2.4. Caasaa hima raajeffannoo

Hima raajeffannoo jechuun akkuma maqaa isaa irraa hubachuun danda'amu hima waan tokko dinqisiifachuuf, raajeffachuuf dhimma itti baanu jechuudha. Haaluma kanaan gabateen armaan gadii fakkeenya himoota raajeffannoo kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} keessaa walitti qabaman kan agarsiisudha.

T/L	Kitaabilee A/O kutaa 9 ^{ffaa} -12 ^{ffaa}	Fakkeenya hima raajeffannoo	Fuula
1	Kutaa 9 ^{ffaa}	_____	
2	Kutaa 10 ^{ffaa}	<ol style="list-style-type: none"> 1. Nan bade! 2. Akkam bareeddi! 3. Akkam fiigdi! 4. Baay'ee ulfaata! 	115
3	Kutaa 11 ^{ffaa}	<ol style="list-style-type: none"> 1. Kun raajiidha! 2. Maal wanti akkasi! 3. Ani badeera! 	105
4	Kutaa 12 ^{ffaa}	_____	

Gabatee 4: Fakkeenya caasaa hima raajeffannoo

Himootni gabatee armaan olii keessatti argaman dinqisiifannaa, aarii, jajuu kan ibsaniifi dhuma isaanii irraa mallattoo raajeffannoo kan qabaniidha. Himootniraajeffannoo gabatee armaan olii keessaa jechoota sasalphaafi gaggabaaboon karaa ifa ta'een kan dhiyaatan ta'uu isaaniiti. Kun immoo barattootni karaa salphaa ta'een caasaa hima raajeffannoo akka hubatan taasisa. Dabalataanis hayyuun Larsen Freeman (1991:10) akka ibsetti himni raajeffannoo dinqisiifannaa, aarii, jajuu kan ibsu yoo ta'uu, dhuma isaa irraa mallattoo raajeffannoo kan qabuudha. Kana malees, haalli dhiheenya isaa caasaa afaanii irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef, barattootni akka caasluga afaanichaa gabbifataniif gargaara jechuun ibsa. Haata'u malee, kb. kutaa 9 fi 12 keessatti kan hin mul'anne ta'uugabateearmaan oliifiafgaaffiibarsiisotaa irraa hubachuun danda'ameera. Kitaaba barnootaa keessatti gilgaalli caasaa hima raajeffannoo

ilalchisee qophaa'e akkuma kan hima ajajaa kan shaakala/ibsaan boodaati. Kana jechuun jalqaba irratti himni raajeffannoo dinqisiifannaa ykn raajeffannaa ibsuuf kan gargaaru ta'uu isaa erga ibsi irratti kennameen booda gaaffiin shaakalaa kun kan dhiyaate ta'uu saati.

4.3. Dhihaannaa himootaa caasaairratti hundaa'uun

4.3.1. Hima salphaa

Hima salphaa jechuun hima gochima tokko qofa qabu jechuudha. Gabateen armaan gaditti dhihaate kun fakkeenya hima salphaa kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 9ffaa-12ffaa tti jiran keessaa walitti qabaman kan argarsiisu ta'a.

T/L	Kitaabilee A/O kutaa 9 ^{ffaa} -12 ^{ffaa}	Fakkeenya hima salphaa/leexaa/	Fuula
1	Kutaa 9 ^{ffaa}	_____	
2	Kutaa 10 ^{ffaa}	_____	
3	Kutaa 11 ^{ffaa}	1. Afaanifi hawaasni walmalee hinjiraatan.	20
		2. Tolaan sangaa bite. 3. Gammadaafi Sanbattoon mana barumsaa deeman. 4. Biqiltuun nabira jiraatti. 5. Lammiin obboleessa kiyya. 6. Barsiisaan nagaa nugaafate.	112-113
4	Kutaa 12ffaa	_____	

Gabatee 5. Fakkeenya Hima salphaa

Akka gabatee armaan olii irraa hubachuundanda'amutti himootni kun kb. daree tokkoo qofa irratti kan xiyyeeffateedha. Sababiin isaas kitaabilee kanneen biroo keessatti jechuun kitaaba kutaa 9, 10fi 12^{ffaa} keessatti waa'een hima salphaa caasluga irratti hundaa'ee qoodamuu wanti ka'u hinjiru. Kunis sakatta'iinsa kitaabilee barnootaafi odeeffannoo afgaaffiidhaan barsiisota irraa argame bu'uura godhachuun kan dhihaateedha. Haata'u malee, gabatee kana irraa wanti

hubatamu caasaa himootaaf akka dandeettiiwwan kaanii xiyyeeffannoon kanhin kennamneef ta'uu isaatu mul'ata.

4.3.2. Hima dacha

Himni dachaan hima walta'iinsa himoota asalphaan ijaaramu jechuudha. Gabateen armaan gadiis fakkeenya himoota dachaa kitaabilee keessaa fudhataman agarsiisa jechuudha.

T/L	Kitaabilee A/O kutaa 9 ^{ffaa} -12 ^{ffaa}	Fakkeenya hima dachaa	Fuula
1	Kutaa 9ffaa	_____	
2		_____	
3	Kutaa 11 ^{ffaa}	<ol style="list-style-type: none"> 1. Haxxeen lafa lixxe;gowwaan taa'ee muga. 2. Afaan dur jalqabe;ragaa funaanuun garuu dhiheenya eegale. 3. “Ani hin rafne;boqqoolloon hin hafne” jedhe namichi. 4. Ani hanga namaa hinga'u; namni garaa nahingahu. 	21
		<ol style="list-style-type: none"> 1. Dabalaan farda bite; Badhaasaan garuu harree bite. 2. Nyaata gaariin nyaadhe; kanaafuu, nagaatu natti dhagahama. 3. Tolaan mana yaalaa deemee deebi'e. 4. Shantamaan Jimmatti dhalate; Booruun immoo, Mattuutti dhalate. 	113
4	Kutaa 12ffaa	_____	

Gabatee 6. Fakkeenya hima dachaa

Himootnigabatee armaan olii keessattitarreeffaman baay'een isaanii hima salphaa lama lama of keessaa qabu. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Halliday, M, A, K. (1994:217) akka ibsetti, himni dachaa hima ciroo of danda'aa ykn himoota sasalphaa lamaafi isaa ol of keessaa qabuudha jechuun ibsa. Akka gabatee armaan olii irraa hubatamutti, haalli dhiheenya fakkeenyoota hima dachaa kanneeniitokkummaa qabaachuu isaaniiti. Haata'u malee, akkuma fakkeenya caasaa hima salphaa kunis kb. kutaa 11^{ffaa} qofa keessatti argamuu isaati. Kanaafuu hiikni hima dachaafi fakkeenyi isaa kitaaba kutaa 11^{ffaa} kana keessatti kanname wal simataadha. Hanqinni xiqqoon mul'atus waa'een hima dachaa kitaaba kutaa 11^{ffaa} qofa keessatti argamuu isaati.

Yaada kana ilaalchisee Batstone, (1994) akka ibsetti, haalli dhiheenya bu'aa bu'uureffate barataan beekumsa afaanii seeraan akka ijaarratu kan taasisuudha. Barattooni unkaalee afaanii tokko tokkoon adda baasanii akka ibsan, akka jijjiiran, deebisanii akka ijaaraniifi seerri caasaa akkamitti akka hojjeturratti hubannoo akka argataniif carraa kan kennuudha jedha. Kana malees akkaataan dhiheenya fakkeenya hima dachaa kitaabilee barnootaa kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti bifa walfakkaataata'een kan hin dhihaanne ta'uu qaaccessikitaabilee kanneen irratti taasifame ni mirkaneessa. Akkaataan dhiheenya caasaa dursa hiika barsiisuun dhumarratti immoo barattootni akka fakkeenya hima dachaa barreessan kan taasisuudha. Kana jechuun jalqaba irratti hiikaafi caasaa hima dachaa irratti ibsi ni kennama; itti aansuun immoo gilgaala dhihaate hojjechuu shaakalu jechuudha.

4.3.3. Hima xaxamaa

Hima xaxamaan hima ciroowwan hirkatoo ofkeessaa qabu jechuudha. Fakkeenya himoota xaxamoo gabatee armaan gadii keessatti haa ilaallu.

T/L	Kitaabilee A/O kutaa 9-12	Fakkeenya hima xaxamaa	fuula
1	Kutaa 9 ^{ffaa}	1. _____	
2	Kutaa 10 ^{ffaa}	2. _____	
3	Kutaa 11 ^{ffaa}	3. Jalqaba afaanii irratti yaadni waliigalaa tokko dhabamullee, yaaxxinoonni garaagaraa jiru.	20
		1. Maalummaa kee waanan hinbeekneef amantaa sirraa hinqabu. 2. Yoo yaada kee jijjiirte, garee kana keessaa hir'ama. 3. Ganamaafi galgala yoo hojjette kutaa isa itti aanutti nidarbata.	113
4	Kutaa 12 ^{ffaa}	_____	

Gabatee 7. fakkeenya hima Xaxamaa

Himootni gabatee armaan olii keessatti argaman ciroo hirkataafi of danda'aa of keessaa qabu. Lammiifi kaawwan, (1998:334-5) yaaduma kana yoo cimsan, "himni xaxamaan Ciroota of danda'aa tokkoofi ciroo hirkataa tokko ykn gaalima hirkattootaa hedduurraa caaseffamuu ni danda'a jechuun ibsu. Kana malees, odeeffannoon sakatta'a kitaabilee taasifameen dhugummaan isaa hubatameera. Haata'u malee, akka gabatee armaan olii irraa hubatamutti fakkeenya hima xaxamaafkenname kan kitaaba tokko qofa irraa argame ta'uu isaati. Kunis kitaaba barnootaa kutaa 11^{ffaa} keessaa kan fudhatameedha. Kun ammoo, kan nutti agarsiisu kitaabilee kutaa 9^{ffaa},

10^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessatti haala dhihaannaa himootaa ilaalchisee xiyyeeffannoon jiru gama hundaanuu laafaa ta'uusaa agarsiisa.

4.3.4. Hima dachaa xaxamaa

Himni dachaa xaxamaan maqaa isaa irraa akka hubannutti hima ciroowwan ofdanda'aafi hirkataa lamaafi sanaa ol ofkeessaa qabudha. Gabateen kanaa gadiis knuma dhugoomsuuf kan dhihaatedha.

T/L	Kitaabilee A/O kutaa 9 ^{ffaa} -12 ^{ffaa}	Fakkeenya hima dachaa xaxamaa	Fuula
1	Kutaa 9 ^{ffaa}	_____	
2	Kutaa 10 ^{ffaa}	_____	
3	Kutaa 11 ^{ffaa}	1. Obbo Tufaan yommuu barsiisu barattoota keessa asiifi achi deemee deebi'a.	21
		2. Bishaan hinuma dhugna, nyaata hinima nyaanna, yoo gabbachuu baannellee. 3. Teenyees, dhaabbannees, waan haaraa hinarginu. 4. Yeroon achi geenyee gabaasa goonullee, milkaa'uu hin dandeenye.	114
4	Kutaa 12 ^{ffaa}	_____	

Gabatee 8. Caasaa hima dachaa Xaxamaa

Himni dachaa xaxamaa ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol,akkasumas ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol irraa ijaaramuu danda'a. Gabateen armaan olii fakkeenya hima dachaa xaxamaa kb.kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} sakatta'uun walitti qabaman agarsiisa. Haata'u malee, akkaataan dhiyeenya fakkeenya hima dachaa xaxamaa Kitaabilee barnootaa kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessaa Kan kitaaba kutaa 11^{ffaa} keessatti

argaman haala gabatee armaan oliin kaa'ameera. Kun immoo, kitaabilee kutaa 9, 10fi 12^{ffaa} keessatti hindhihaanne waan ta'eef bakka duwwaan agarsiifame. Kana malees kb.Kutaa 11^{ffaa} keessatti fakkeenyoṭni dhiyaatan hima dachaa xaxamaatiifhaadhihaataniyyuu malee, fakkeenya hima xaxamaatiin wal fakkaachuu isaanii,gabatee armaan olitti dhiyaate, irraa hubachuun danda'ameera.

Fakkeenyaaf: Hima gabatee armaan olii keessatti argaman keessaa hima gaaffii 4^{ffaa} irra jiru yoo ilaalle:

1. Yeroon achi geenyee gabaasa goonullee, milkaa'uu hin dandeenye.

Himni kun ciroo hirkataa lamaafi ciroo ofdanda'aa tokko ofkeessaa qaba.

- Yeroon achi geenyee-ciroo hirkataa
- gabaasa goonullee- ciroo hirkataa dha.
- milkaa'uu hin dandeenye. (Ciroo ofdanda'aadha.(kitaaba barataa kutaa 11^{ffaa}, ful. 114)

Kun ammoo ulaagaa hima dachaa xaxamaan guutuu qabu sana waan faallessu fakkaata. Himni dachaa xaxamaan ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol,akkasumas ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol irraa ijaarramuu danda'a jedha. Haata'u malee, himni kun garuu ciroo ofdanda'aa tokko qofa ofkeessaa waan qabuuf gara caasaa hima xaxamaatti akka deebi'u taasiseera. Sababiin isaas himni xaxamaan Ciroot of danda'aa tokkoofi ciroo hirkataa tokko ykn gaalima hirkattootaa hedduurraa caaseffamuu ni danda'a jechuun waan ibsuufi. Kanaafuu fakkeenyi armaan olitti hima dachaa xaxamaadhaaf fudhatame keessaa gariin kan hima xaxamaatiin walfakkaataadha. Kun immoo, haala dhihaannaa himootaa keessatti hanqina ta'uu waan danda'uuf fakkeenyoṭni kennamaniifi kanneen biroonis irra deebi'amanii yoo ilaalaman gaarii ta'a.

Walumaagalatti qaaccessi caasaa himootaa gabateewwan armaan olii keessatti taasifameef himootni fakkeenya fudhataman baay'een isaanii kitaabilee kutaa 10^{ffaa}fi 11^{ffaa} keessaa fudhataman. Sababiin isaas waa'ee caasaa himootaa ilaalchisee kitaaba kutaa 9^{ffaa}fi kutaa 12^{ffaa} keessatti wanti ka'e hinjiru. Kana jechuun waa'ee xiyyeeffannoo himootaa irratti kitaabileen kutaa gariinisaanii kallattiidhaan waa'ee caasaa himootaa irratti kan xiyyeeffatan osoo hintaane, bifa walsimannaa matimaa, aantimaafi gochimaatiin mul'atu. Kanas bifa gabatee armaan gadiin ilaaluun ni danda'ama.

Himootni gabatee armaan gadii keessatti kennaman kun akkaataa seerluga afaanichaan taa’anii hinjiran. Kana jechuun ijaaramni caasaa himoota kanneenii tartiiba sirrii qabatee hinjiru. Kunis kan dhiyaate gilgaala keessatti ta’ee, barattoonni sirreessanii caasaa afaanichaa eeganii akka barreessaniif yaadameeti. (kb. 9^{ffaa} ful. 111) Waa’ee himootaa ilaalchisee kitaaba kutaa 9^{ffaa} keessatti kan dhihaate kanneen gabatee armaan gadii keessatti tarreeffaman kana jechuudha.

T/L	Kitaaba A/O	Shaakala walsimannaa matimaa, antimaafi gochimaa	Fuula
	Kutaa 9 ^{ffaa}	1. Taphachuu inni jaallata kubbaa 2. Obboleessa ishiin ishii gargaartu baay’ee 3. Jira xalayaa ani barreessaa 4. Dhangalaaste bishaan teessoo irratti mucaan 5. Barattoonni qulqulleessan isaanii naannoo	111
		6. Mucaan buddeena nyaachuu jalqaban. 7. Jarri mana ijaaree jira. 8. Harmeenkoo kitaaba naaf bite. 9. Bakkaan roobaa jiru. 10. Hoolaan marga dheeda.	112

Gabatee 9. Walsimannaa matima, antimaafi gochimaa

Himoota gabatee armaan gadii keessa walsimannaa matimaafi gochimaatu hinjiru. Himootni kunneenis KB. kutaa 12^{ffaa} fuula 63 irraa fudhatame. Kun fakkeenyaaf kan fudhatamanidha malee kitaaba kutaa 12^{ffaa} fuula: 64-66tti waa’een aantimaa, gochimaafi matimaa dhihaatanii jiru. Gaaffileen kunis kan dhiyaatan barattoonni caasaa himichaa matimaafi gochima walsimsiisanii akka barreessaniif yaadameeti.

Kitaaba A/O.	Shaakala walsimannaa	Fuula
Kutaa 12 ^{ffaa}	<ol style="list-style-type: none"> 1. Ani siwaliin taphanna. 2. Namoota sana keessaa inni tokko dhukkubsataniiru. 3. Ambisaan ishee yookiin jara bira turuu barbaadan. 4. Abbaafi haatikoo gara gabaa ana waliin deemne. 5. Namni guddaan kabajamuu qabu. 6. Yemmuu lamaafi sadii walitti ida'amu shan ta'a. 7. Jara moo Situ dhufuu qabu? 8. Boqqolloofi xaafiin gosa midhaaniiti. 9. Kitaabni, galmeen jechootaafi intarneetiin madda odeeffannooti. 	63

Gabatee 10. Shaakala walsimannaa

4.4. HanqinaDhihaannaa Himootaa Kitaaba Barnootaa Kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa}

Dhihaannaa himootaa KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti dhiyaate hammam gahaa akka ta'eefi bifa kamiin akka dhiyaate hubachuuf kitaabilee kanneen irratti qaaccessi taasifameera. Qaaccessa waa'ee himootaa ilaalchisee boqonnaa afur jalatti taasifameen haalli dhihaannaafi argama isaanii kb kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti garaagarummaa qabaachuun isaa hubatamee jira. Kana jechuun dhihaannaa himootaa ilaalchisee boqonnaa kana jalatti kitaabilee afran keessatti fakkeenyi himootaafkennaman funaanamanii qaaccaffamaniiru. Qaaccessa kana keessattis himoonni akkaataa qooddiin, caasaaniifi tajaajilaan dhihaataniiru. Qaaccessa kitaabilee afran keessatti taasifameen kitaabni dhihaannaa himootaa karaa hundaan qabatee jiru kitaaba kutaa 11^{ffaa} qofa. Kana malees, kitaaba kutaa 10^{ffaa} keessattis hanga kan kutaa 11^{ffaa} bal'inaan dhihaachuu baatus, kan kutaa 9^{ffaa} fi kutaa 12^{ffaa} irra fooyya'aadha. Bu'uuruma kanaan kitaaba kutaa 9^{ffaa} keessatti waa'ee dhihaannaa himootaan walqabatee fakkeenyoetni dhihaatan: Shaakala walsimannaa matimaa, antimaafi gochimaa jedhu jalatti qofa waa'ee himaa kaasa. Kunis:

- Taphachuu inni jaallata kubbaa
- Obboleessa ishiin ishii gargaartu baay'ee
- Jira xalayaa ani barreessaa
- Dhangalaaste bishaan teessoo irratti mucaan
- Barattooni qulqulleessan isaanii naannoo (kitaaba kutaa 9^{ffaa}, ful. 111)

Himootni armaan olitti kennaman kun akkaataa seerluga afaanichaa eeganii hinteenye. Kana jechuun ijaaramni caasaa himoota kanneenii tartiiba sirrii qabatee hinjiru. Kunis kan dhiyaate gilgaala keessatti ta'ee barattoonni sirreessanii caasaa afaanichaa eeganii akka barreessaniif yaadameeti. Kanaafuu, KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessatti waa'een himaa bakka tokko yookaan mata duree tokko qofa jalatti tuqamee hafuun hanqina guddaadha. Sababiin isaa kitaabicha keessatti dhimmi dhihaannaa himaa akka seerluga kanneen biroo xiyyeeffannoo hin arganne waan ta'eef. Akkasumas, qaaccessa himootaa taasifameen kitaaba kutaa 12^{ffaa} keessatti waa'ee dhihaannaa himootaa ilaalchisee xiyyeeffannoon kenname lafaa ta'us, akka fakkeenyaatti kan tarreeffaman mata duree 'Shaakala walsimannaa' jedhu jalatti himoonni dhihaatan:

- Ani siwaliin taphanna.
- Namoota sana keessaa inni tokko dhukkubsataniiru.
- Ambisaan ishee yookiin jara bira turuu barbaadan.
- Abbaafi haatikoo gara gabaa ana waliin deemne.
- Kun qaama namaaf waan gaarii hintaaneeff, jarri dhiisanii deemuu qaba.
- Namni guddaan kabajamuu qabu.
- Yemmuu lamaafi sadii walitti ida'amu shan ta'a.
- Jara moo Situ dhufuu qabu?

Himoota armaan olittidhihaatan keessa walsimannaa matimaafi gochimaatu hinjiru. Himootni kunneenis kitaaba barataa kutaa 12^{ffaa} fuula 63 irraa fudhatame. Sababiin gaaffileen kunneen dhiyaataniifis barattoonni caasaa himichaa matimaafi gochima walsimsiisanii akka barreessaniif yaadameeti jechuudha. Haata'u malee, haala dhihaannaa himootaa ilaalchisee akkuma KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} kan kutaa 12^{ffaa} keessattis waa'een himaa hanga kitaaba kutaa 11^{ffaa} xiyyeeffannoo hin arganne jechuun ni danda'ama.

Sababiin kitaabileen kutaa 9^{ffaa} fi 12^{ffaa} walitti aananii dhihaataniif haalli argama himootaa yookaan dhihaannaa himotaa kitaabilee kanneen keessaa kan kitaabilee kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} gadi waan ta'eef dursi itti kenname. Kana jechuun xiyyeeffannoon himootaaf kenname kitaaba kutaa 9^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessaa hanga kan kitaabilee kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} hingahu jechuudha.

KB. Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} caasaa himaa iddoo afuritti qooduun dhiheessa. Isaanis hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaati. Kana malees tajaajilaan hima

salphaa hima himaamsaa,hima gaaffii, hima raajeffannoofi hima ajajaa jechuun haala walfakkaatuun iddoo afuritti qooduun lafa kaa'a. KB. Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} immoo, caasaa hima salphaa bifuma kitaaba kutaa 11^{ffaa} tiin hima himamsaa,hima gaaffii, hima raajeffannoofi hima ajajaa jechuun qoodee kaa'a. Haata'u malee, kitaabileen kutaa 9^{ffaa} fi 12^{ffaa} waa'ee himootaa kallattii walsimannaa matimaa, aantimaafi gochimaatiin kaasu malee, haala qooddii caasaa himootaa irratti wanti kaa'ame hinjiru.

Kana malees, haala qooddii caasaa himootaatiif fakkeenyoጥni kennaman bakka tokko tokkotti kan walfaallessan ta'anii mul'atu. Kunis qoodama caasaa himootaa kanneen hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaa keessatti. Fkn. Yeroon achi geenyee gabaasa goonullee, milkaa'uu hin dandeenye.(KB. 11^{ffaa}, ful.114.) Himni kun fakkeenya hima dachaa xaxamaatiif kennameedha. Haata'u malee, fakkeenyi kenname kun kan hima dachaa xaxamaaf kennamu osoo hintaane, kan hima xaxamaati. Sababiin isaa: himni dachaa xaxamaa ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol,akkasumas ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol irraa ijaaramuu danda'a jechuun waan ibsamee jiruufi. Haata'u malee, himni kun ciroo ofdanda'aa tokkoofi hirkataa lama ofkeessaa waan qabuuf gara caasaa hima xaxamaatti akka deebi'u taasiseera jechuudha. Kun immoo, fakkeenyoጥni dhihaatan bifa salphaan akka hin hubatamne taasisuu danda'a.

(Mc Donough and Shaw, 1993; Cunningworth, 1995)haala dhihaannaa ilaalchisee yoo ibsan: kitaabileen barnootaaf dhiyaatan qabiyyee barataman haala baruuf barsiisuuf toluun qindeessee dhiyeessa. Kana malees, qabiyyeewwan walitti fufaafi adeemsa sagantaa barnootaa walqabataa ta'een dhiyeessa.Qabiyyeen dhiyaatus salphaa gara walxaxaatti deema. Qindaa'inni kun immoo akaakuu qabiyyeewwan afaanii dhiyaatanii irratti hundaa'uun kan dhiyaatuufi hammatamuudha jedhu.(Mc Donough and Shaw, 1993; Cunningworth, 1995). Barreessitoonni kun ulaagaa kitaabni barnootaa dhiyaatu guutuu qabu: daangaa qabaachuu, ifummaa, yaadrimee, barbaachisummaa akka ta'an ibsu.

Kanaaf kitaabni barnootaa qabiyyee afaanii baruu barsiisuuf dhiyaatu daangaa tajaajila unkaa dhiyaatee ifa taasisuuf; qabiyyeen dhiyaate ifaafi kan ergaa dabarsu ta'uu;qabiyyee dhiyaatu salphisee dhiyeessuu; yaadrimee dhiyaatu walxaxaa ta'us, jecha salphaa ta'een dhiyeessuufi kan sadarkaafi fedhii barattootaa giddu galeessa godhate ta'ee dhiyaachuu qaba.

Harmer,(1987)fi Swan,(1994) ibsanitti qabiyyeewwan caasaa barattootaaf dhiyaatan,ibsoonni,fakkeenyonni,ajajniifi gilgaalonni ifaafi kanneen hin mamsiisne ta'uu

qabu. Iftummaan akka jiraatuuf ammo, haala dhiheenya duraa duuba eegate, fakkeenya kan dabalate, qabxiilee gurguddoo xiyyeeffannoo kan kennuufi dhimmoonni mamsiisaa ta'uurraa walaba ta'an jiraachuu qabu. Edge, (1993) yaaduma kana yogguu ibsu gilgaalonni daree keessattis haa ta'u, akka hojii manaatti kennaman ajaja ifaa ta'e qabaachuu qabu. Gaaffileen gilgaalotni sun jalatti dhihaatan hunduu akkaataa ittiin hojjatamuu qaban ilaalchisee fakkeenya ifa ta'e dhihaachuu qaba. Seeronni caasaa salphaa, ifaafi walxaxaa kan hintaane ta'uu qabu. Seeronni ifa ta'uu dhabuun, akkasumas haalli dhiheenya caasaa himaa walxaxaa ta'uun ibsi waa'ee seerota sanaa irratti dhiyaate ifatti akka hin hubatamneef danqaa ta'a. Kanaafuu iftummaan dhiheenya caasaa keessatti qabxii ijoo xiyyeeffannoo guddaa barbaaduudha (Swan, 1994).

Haata'u malee, kitaabileen kunneen daangaa kana keessaa waan bahan fakkaatu. Sababiin isaas haalli dhihaannaa himootaa kaan keessatti heddummatee kaan keessaa immoo, dhabamuusaati. Kana jechuun kitaaba kutaa 9^{ffaa} keessatti haalli dhihaannaa himootaa dandeettii barattootaan kan walmadaalu miti. Akkasumas, kitaaba kutaa 11^{ffaa} keessatti immoo, himoonni bal'inaan dhihaatanii jiru. Kana jechuun haalli dhihaannaa himootaa qabiyyee fi caasaan, akkasumas gosoota himaa hunda qabatee dhihaachuun isaa gaarii ta'ee, kitaabilee kutaa 9^{ffaa}, 10^{ffaa} fi 12^{ffaa} waliin walbira qabamee yommuu ilaalamu dandeettii barattootaan olta'ee mul'ata. Kutaa 11^{ffaa} keessatti bal'inaan dhihaatee, kutaa 12^{ffaa} keessatti gadi bu'uun haala dhihaannaa cimaarraa gara salphaatti deemu hordofa. Kun immoo, qajeelfama barnoota afaaniis ta'e, ulaagaa dhihaannaa salphaarraa gara walxaxaatti jedhu sana waan faallessuuf, hanqina guddaadha.

4.5. Kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 9-12 keessatti hammiqabiyyee himootaa maal fakkaata?

Dhihaannaa himootaa KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} gidduuttihamma qabiyyee himootaa ilaalchisee kitaabilee kanneen irratti qaaccessi taasifameera. Qaaccessa waa'ee himootaa ilaalchisee boqonnaa afur jalatti taasifameen haalli dhihaannaa himootaa kb kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti maal akka fakkaatu qaaccessataasifameen hubatamee jira. Kana jechuun dhihaannaa himootaa ilaalchisee boqonnaa kana jalatti kitaabilee afran keessatti fakkeenya himootaaf kennaman funaanamanii qaaceffamaniiru. Qaaccessa kana keessattis himoonni akkaataa qooddiin, caasaaniifi tajaajilaan dhihaataniiru. Haaluma kanaan mata duree kana jalatti immoo

walitti fufiinsaan jiraachuu himootaa ilaalchisee kitaabilee kutaa 9-12^{ffaa} keessatti maal akka fakkaatu tokko tokkoon dhihaata.

A. Kitaaba barnootaa kutaa 9^{ffaa} keessatti.

- ✓ Taphachuu inni jaallata kubbaa
- ✓ Obboleessa ishiin ishii gargaartu baay'ee
- ✓ Jira xalayaa ani barreessaa
- ✓ Dhangalaaste bishaan teessoo irratti mucaan
- ✓ Barattoonni qulqulleessan isaanii naannoo (kitaaba kutaa 9^{ffaa}, ful. 111)

Waa'ee himootaa ilaalchisee kitaaba kutaa 9^{ffaa} keessatti kan dhihaate kanneen armaan olii kana jechuudha. Kana jechuun kitaaba kana keessatti qabiyyeen himootaa hangatokko dhihaatee jira. Kanaafuu, KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} keessatti waa'een himaa bakka bakkajiruu walitti qabamee qaacceffameera.

B. Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 10^{ffaa} Keessatti

Fakkeenya hima himamsaa kitaaba barnootaa kutaa 10^{ffaa} ful. 99, 114fi 115 irraa kan fudhatame

- ✓ Leenci hoolaa nyaate.
 - ✓ Mucaan laaqana nyaate.
 - ✓ Inni barataadha.
 - ✓ Jarri biqiltuu dhaaban.
 - ✓ Gammachuun mana ijaare.
 - ✓ Ishiin qalama naaf kennite.
 - ✓ Inni dabtara bitate.
 - ✓ Adurreen hantuuta nyaatte.
 - ✓ Ani turban dhufu biyyan gala.
 - ✓ Bokkaan roobe.
- } Ful. 99
- } ful.114
- } Ful. 115

Fakkeenya himagaaffii

- ✓ Maqaan kee eenyu?
 - ✓ Eessa deemaa jirta?
 - ✓ Yoom dhuftee nagargaarta?
 - ✓ Ishiin eessa deemte?
- } Ful.114-115

Fakkeenya hima ajajaa

- ✓ Tapha kana dhaabi.
 - ✓ Gara mana barumsaa deemi.
 - ✓ Bakka kanaa hindeemin.
 - ✓ Lammata mana keenya akka hindhufne.)
- } Ful. 115

KB. Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} keessatti dhihaannaan himootaa tajaajila irratti hundaa'uun: hima himamsaa, hima gaaffii, hima raajeffannoofi hima ajajaa jechuun qoodee lafa kaa'eera. Haata'u malee, kitaabakana keessattis waa'een himaa bal'inaan dhihaateera jechuu miti. Haalli dhihaannaqabiyyee kan kutaa 9^{ffaa} irra caalaa dhihaatee jira.

C. Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 11^{ffaa} Keessatti fakkeenya hima himamsaa

- ❖ Lammeessaan laga bu'e.
 - ❖ Garasuun jabbii bite.
 - ❖ Magartuun fira hinqabdu.
 - ❖ Shantameen torban kana dhufi.
 - ❖ Lalisaan qonnaan bulaa cimaadha.
- } Ful. 104

Fakkeenya hima gaaffii

- ❖ Maaliif dhufte?
 - ❖ Kitaaba sana bittee?
 - ❖ Obboleessi kee eessa jira?
- } Ful. 105

Fakkeenya himoota ajajaa

- Karra bani.
 - Laga bu'i.
 - Bishaan waraabi.
 - Utuu kitaaba hinfidin akka hindhufne.
 - Bishaan dhugi.
 - Gonkumaayyuu sana hinyaadin.
 - Sanatti akka itti hinbuune.
 - Ogeessa fayyaa haasofsiisi.
- } Ful. 105
- } Ful. 105

Fakkeenya hima raajeffannoo

- ✓ Kun raajiidha!
 - ✓ Maal wanti akkasi!
 - ✓ Ani badeera!
- } Ful. 105

Fakkeenya hima salphaa

1. Afaanifi hawaasni walmalee hinjiraatan.
 2. Tolaan sangaa bite.
 3. Gammadaafi Sanbatoon mana barumsaa deeman.
 4. Biqiltuun nabira jiraatti.
 5. Lammiin obboleessa kiyya.
 6. Barsiisaan nagaan nugaafate.
- } 112-113

Fakkeenya hima dachaa

1. Haxxeen lafa lixxe;gowwaan taa'ee muga.
 2. Afaan dur jalqabe;ragaa funaanuun garuu dhiheenya eegale.
 3. “Ani hin rafne;boqqoolloon hin hafne” jedhe namichi.
 4. Ani hanga namaa hinga'u; namni garaa nahingahu.
 5. Dabalaan farda bite; Badhaasaan garuu harree bite.
 6. Nyaata gaariin nyaadhe; kanaafuu, nagaatu natti dhagahama.
 7. Tolaan mana yaalaa deemee deebi'e.
 8. Shantamaan Jimmatti dhalate; Booruun immoo, Mattuutti dhalate.
- } Ful.21
- } ful. 113

Fakkeenya hima xaxamaa

1. Jalqaba afaanii irratti yaadni waliigalaa tokko dhabamullee, yaaxxinoonni garaagaraa jiru.
 2. Maalummaa kee waanan hinbeekneef amantaa sirraa hinqabu
 3. Yoo yaada kee jijjiirte, garee kana keessaa hir'ama
 4. Ganamaafi galgala yoo hojjette kutaa isa itti aanutti nidarbata
- } Ful. 113

Fakkeenya hima dachaa xaxamaa

1. Obbo Tufaan yommuu barsiisu barattoota keessa asiifi achi deemee deebi'a.
2. Bishaan hinuma dhugna, nyaata hinima nyaanna, yoo gabbachuu baannellee.
3. Teenyees, dhaabbannees, waan haaraa hinarginu.
4. Yeroon achi geenyee gabaasa goonullee, milkaa'uu hin dandeenye.

F.114

Himootni fakkeenya armaan olii jalatti dhihaatan hundinuu kitaaba Afaan Oromoo kutaa 11^{ffaa} keessaa fudhataman. Kitaaba kana keessatti himootni tajaajilaafi caasaa irratti hundaa'anii dhihaataniiru. Kanaafuu, kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 9-12^{ffaa} keessatti qaaccessa dhihaannaa himootaa irratti taasifameen waa'een himaa bal'inaan kitaaba kutaa 11^{ffaa} keessatti dhihaatee jira. Kitaabilee kanneen waliin walbira qabamee yommuu ilaalamu haalli walitti fufiinsaan dhihaachuu himootaa jalqabaa hanga dhumaatti walitti fufiinsaan dhihaachuu isaa qaaccessa kana irraa hubachuun ni danda'ama.

D. Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa keessatti

1. Ani siwaliin taphanna.
2. Namoota sana keessaa inni tokko dhukkubsataniiru.
3. Ambisaan ishee yookiin jara bira turuu barbaadan.
4. Abbaafi haatikoo gara gabaa ana waliin deemne.
5. Kun qaama namaaf waan gaarii hintaaneef, jarri dhiisanii deemuu qaba.
6. Namni guddaan kabajamuu qabu.
7. Yemmuu lamaafi sadii walitti ida'amu shan ta'a.
8. Jara moo Situ dhufuu qabu?
9. Boqqolloofi xaafiin gosa midhaaniiti.
10. Kitaabni, galmeen jechootaafi intarneetiin madda odeeffannooti.

Ful. 63

Himootni armaan olitti dhihaatan kunneen kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 12^{ffaa} irraa fudhatame. Waa'ee himootaa ilaalchisee kitaaba kanakeessatti kan dhihaate kanneen olii kana qofa. Kana jechuun kitaaba kana keessatti akkuma kan kitaaba kutaa 9^{ffaa} walitti fufiinsaan dhihaachuun himootaa hinjiru jechuudha. Kanaafuu, KB. Afaan Oromoo kutaa 12^{ffaa} keessatti waa'een himaa bal'inaanwaan hinkaaneef walitti fufiinsa qaba jechuun hindanda'amu.

4.6. Ka'umsa Hanqinaalee Dhihaannaa Himootaa Kitaaba Barnootaa Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa-12ffaa

Adeemsa sagantaa qophaa'ina qabiyyee afaanii keessatti qaamni qabiyyicha qopheessuun dhiyeessu galma gahumsa qabiyyee dhiyaatu tokkoof qooda guddaa qaba. Qaamni qabiyyee barnootaa qopheessu akaakuu qabiyyee dhiyaatu sanaa qofa osoo hintaane akkaataa qindoomina dhiyaannaa qabiyyichaa illee adda baasuun dhiyeessuu barbaachisa. (Sharmafi Tuteja, 2005). Kanaafuu ka'umsi hanqinaalee dhihaannaa himootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12^{ffaa} keessatti akkataa qaaccessa taasifameen:

Walumaagalatti KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} gidduutti haala dhihaannaa himaa ilaalchisee garaagarummaan qabiyyee mul'achuu isaa sakkatta'a barruufi odeeffannoo argameen hubatameera. Garaagarummaa mul'atan keessaa tokko himoonnikitaaba kutaa tokko keessatti bal'inaan dhihaatee kan biraa keessaa immoo dhabamuudha. Fkn. kitaaba kutaa 11^{ffaa} keessatti waa'een himaa caasaadhaan hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaa jedhamuun dhihaataniiru. Akkasumas, tajaajilaan immoo, hima himamsaa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannoo jedhamanii dhihaataniiru. Haata'u malee, KB. Afaan Oromoo kutaa 9, 10 fi 12^{ffaa} keessatti waa'een himaa caasaa irratti hundaa'ee wanti dhihaate hinjiru. Tajaajila irratti hundaa'ee immoo kitaaba kutaa 10^{ffaa} keessatti qofa dhihaate. Kun immoo, xiyyeeffannoon himootaaf kenname caasaadhaanis ta'e, tajaajilaan kitaabilee daree sadanii keessatti gadaanaa ta'uu agarsiisa. Kanarraa wanti hubatamu, yeroo qophii kitaabilee kanneenii gamadhihaannaa himootaatiin xiyyeeffannoon itti kenname walfakkaataa ta'uu dhabuudha.

4.7. Qaaccessa Afgaaffii Barsiisotaa

Kutaa kana keessatti afgaaffii barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa Ukkaafi Goree haala dhiyaannaa himootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12^{ffaa} keessaa ilaalchisee yaada akka kennaniif gaafa guyyaa 02/07/-20/09/2011 dhiyaatetu qaaceffamee ibsame. Kaayyoon afgaaffichaas gahumsa haala dhiyaannaa himootaan kan walqabateedha. Sababni afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaateef immoo yaada barsiisonni kennan ragaalee biroo argaman waliin walbira qabuun odeeffannoo irra caalaa qabatamaafi quubsaa ta'e argachuuf akka ta'e itti amanamee kan qophaayeedha. Qabiyyeen afgaaffii kana keessatti hammataman haala dhiyaannaa caasaa himootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12 ilaalchisee kan qophaayeedha. Afgaaffiin

dhiyaate baayinni isaa shan yammuu ta’u, haalli dhiyeessaafi qaaccessa isaanii ammoo akkaataa walitti dhufeenya isaaniin qabiyyee walfakkaatan walitti fiduudhaan qoqqoodamee ibsamuun qaaceffameera.

A. Haalli dhiyaannaa himootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} adeemsa baruufi barsiisuu keessatti dhiibbaa qabajettee yaaddaa

Haalli dhiyaannaa himootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12^{ffaa} dhiibbaa gama barsiisuu, irratti qabu maal akka fakkaatu irratti; barsiisonni yaada kennaniiru. Afgaaffii kana irratti barsiisotnisadii kitaabni barnoota Afaan Oromoof dhiyaatan hanqina guddaa kan qabu ta’uu isaa yeroo ibsan, hanqinichis kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti xiyyeeffannoonhimootaaf kennamegadibu’aa ta’uusaa ibsaniiru. B/saan. Tokko immoo, dhihaannaan himootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti haala gaariin kan dhiyaateefi fakkeenyaan kan deggarame ta’uu ibsa. Yaadolee barsiisonni kennan kana irraa kan hubatamu, dhiyaannaan kitaaba barnoota Afaan Oromoogama dhiyeessahimootaa irratti laafaa ta’uu kan agarsiisu dha. Akkasumas, fakkeeniyidhihaate bakka tokko tokkotti hanqina kan qabu waan ta’eef barattoonni bakka barsiisaan hinjiraannetti himoota Afaan Oromoo kitaabileekanneen keessatti dhiyaate dubbisani hubachuu irratti kan dhiibbaa uumuu danda’u ta’uusaadha. Yaadolee kennaman irraa wanti hubatamu, maddawwan rakkoo dhiyaannaa himootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa9-12keessatti rakkoo, fooyyessitootaa, rakkoo qophii silabasii, akkasumas, himootaaf xiyyeeffannaa kennuu dhabuu irraa kan madduu danda’an ta’uusaadha.

Ragaan kitaabilee irraa fudhatame garuu himootni qabiyyeen kitaabilee afran keessatti walqixa dhihaachuu baatus, himootni kitaabilee kanneen keessa jiraachuu nu hubachiisa.

B. Hanqinaaleen haala dhihaannaa caasaa himootaa kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti ni mul’atuu

Haallidhihaannaahimootaa kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9-12^{ffaa}keessatti hanqina maalii akka qabu adda baasuuf barsiisota waliin afgaaffiin geggeeffameera.Afgaaffii kana irratti barsiisotnilama, yaada walfakkaatu kennan. Innis gama caasaairratti himootni haala barbaadamuun waanti ifa ta’ee dhiyaate kan hinjirre ta’uu ibsaniiru. Akkasumas, barsiisonni lama qabxiilee kanneen ilaalchisuun kitaaba barnootaa keessatti waanti dhiyaate hinjiru jechuun yaada barsiisota duraan walfakkaatu kennanii jiru. B/sotni. Hafan lama immoo, himootni caasaafi tajaajila irratti hundaa’uun dhihaachuufi hanqinni kanhinjirre ta’uu ibsu.

C. Dhihaannaan himootaa kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti caasaafi tajaajila irratti hundaa’uun dhiyaateeraa

Himootnicaasaafi tajaajila irratti hundaa’anii kitaabilee barnootaa kutaa 9-12^{ffaa} keessatti dhihaachuu isaanii adda baasuuf barsiisota waliin afgaaffiin taasifameera. Yaadni isaan kennanis akka ittaanutti qindaa’ee dhiyaateera. Afgaaffii kana irratti barsiisaan jalqabaa yaadasaa yeroo dhiyeessu, kitaaba barnoota Afaan Oromoo irratti bal’inaan kan hinargamne ta’uufi kanneen argamanis adda bahanii bifa ifa ta’een hinargaman jechuun yaadasaa kenneera. Barsiisotni lammaffaa irratti gaafataman lamas, yaada barsiisaa jalqabaan walfakkaatu yammuu kennan; Barsiisotni sadaffaa irratti gaafataman akka jedhanitti immoo barnootichi dubbisaafi gaaffilee dubbisa keessaa bahan deebisuu irratti waan xiyyeeffatuuf himoota gadi fageenyaan caasaa unkaafi tajaajilaan qoodee dhiyeessuu irratti hamma yaadame hinga’u yaada jedhu kennaniiru. Yaadolee kennaman kana irraa kan hubatamu kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12^{ffaa} qophaa’ee dhiyaate keessatti dhihaannaan himootaa caasaafi tajaajilaan adda bahee dhihaachuu dhabuufi himootaaf xiyyeeffannoon kenname laafaa ta’uudha.

D. Himootni kitaabilee barnootaa kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti qabiyyeen adda bahee dhihaateeraa?

Himootni qabiyyeen adda bahee dhihaachuu ilaalchisee afgaaffiin barsiisota waliin taasifamera. Afgaaffii dhiyaate kana irratti yaadni barsiisaa jalqabaa, kitaabni barnoota Afaan Oromoogama qabiyyeen dhihaachuu himootaatiin hanqinaalee bu’uuraa waan qabuuf qabiyyicha barattoonni ofiin kitaaba dhiyaate irraa barachuufi hubannaa qabiyyichaa argachuuf baay’ee rakkisaa akka ta’e ibsa. Yaadni barsiisaa lammaffaa, sadaffaafi afraffaa yaaduma barsiisaa jalqabaan kan walfakkaatu yommuu ta’u, Kan barsiisaa shanaffaafi, jahaffaa kitaabilee hunda keessatti himoonni qabiyyeen adda bahee hindhihaanne waan ta’eef, gahee inni hubannaa barattootaa cimsuu irratti qabu gadaanaa akka ta’e ibsu. Yaadolee kennaman kana irraa kan hubatamu, barattoonni sababa hanqinaaleefi walittifufiinsaana dhihaachuudhabuu himootaa irraa kan ka’een hubannoo qabiyyichaa argachuu kan hindandeenyee fi yeroo maraa kan barsiisaa irraa eeggatan ta’uusaadha. Haata’u malee, ragaalee kitaaba irraa walitti qabaman waliin yommuu ilaallu himootni kitaabilee kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti qabiyyeen dhihaachuufi haalli qabiyyee dhihaate garuu kutaa gara kutaatti garaagara ta’uusaa hubanna. Kun immoo, seeruma jiru waan ta’eef baruu-barsiisuu keessatti rakkoo kan hin uumne ta’uusaati.

E. Haalli dhihaannaa himootaa kitaabilee barnootaa kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti qabiyyeen adda bahee yoo hindhihaanne miidhaa akkamiqaba jettee yaaddaa

Qabiyyeen dhiyaachuudhabuunhimootaa miidhaa akkamii akka qabu hubachuuf afgaaffii dhiyaate irratti barsiisonni yaadasaanii kennaniiru. Afgaaffii kanaaf yaadni walfakkaatan barsiisota jahan irraa kennameera. Yaadniisaan kennanis, qabiyyeen dhihaachuu dhabuun himootaa baruuf barsiisuu keessatti rakkoo uumuu akka danda'uufi rakkoolee kana maqsuuf immoo, kitaabolee wabii garaagaraafi muuxannoo qabanitti fayyadamuun akka furan ibsaniiru. Kunimmoo, sababa hanqinaalee dhiyaannaa himootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12^{ffaa} irraa kan ka'eefi kitaaba dhiyaate kana irraa barattoonni barnoota gahaa argachuu akka hindandeenye itti amanuudhaan tarkaanfii dhuunfaa kan fudhatan ta'uusaanii ibsu. Kanneen keessaas barsiisonni lama yeroo yaada dabalataa kennan adeemsa galma gahumsa baruu barsiisuuf gaarii ta'uu kan danda'u barsiisaan haala itti fakkaateen alaa dabalee barsiisuu irra osoo qabiyyee kitaaba barnootaa keessumaa kan barattootaaf kennamu keessatti bal'inaan dhiyaatee argamee irra caalaa gaarii akka ta'e ibsu.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

5.1. Cuunfaa

kutaan kun, qorannoo kana gaggeessuuf hojiiwwan hojjatamaniifi akkaataa itti hojjetaman odeeffannoon bakka itti kennamuudha. Haaluma kanaan dhimmoonni raawwatan kaayyoo qorannichaa irratti xiyyeeffachuun bifa duraa duubasaanii eegeen akka itti aanutti dhihaateera. Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa haala dhiyaannaa caasaa himootaa KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessaa qaaccessuun dhiheessuudha. Ka'umsi qorannichaa dhihaannaan himootaa KB. kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti bifa walmadaalaa ta'een argamuu dhabuufi himootni akka dandeettiiwwan afaanii kanneen biroo xiyyeeffannoo dhabuudha. Bu'uruma kanaan qorannoon kun kaayyoo gooree afur of keessaa qaba. Kaayyoo tokkoffaan, Haala dhihaannaa himootaa KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti adda bahee dhihaachuu isaa sakatta'uu kan jedhuudha. Kaayyoo lammaffaan immoo, Hanqinaalee dhiyaannaa himootaa KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti mul'atan adda baasuu kan jedhuuf kitaabilee afranuu walbira qabamanii yommuu qaaceffaman haala dhihaannaa caasaa himootaa irratti qabiyyeen isaan ofkeessatti qabatan garaagara ta'uun ibsameera. Kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9-12^{ffaa} gidduutti haalli dhihaannaa himootaa walitti fufiinsa qabaachuu isaa adda baasuun kaayyoo sadaffaa qorannoo kanaa yommuu ta'u, Kaayyoon afraffaafi inni dhumaa, ka'umsa hanqinoota mul'atanii adda baasuun dhiyeessuudha. Akkaataa dhihaannaa caasaa himaa irratti yaada hayyoota garaagaraatiin deeggaramee bal'inaan dhihaatee jira. Kana malees haala dhiheenya caasaa ilaalchisee yaaxxinaaleefi saayinsii afaanii giddu galeeffachuudhaan sakatta'insa godhameen maalummaa, akaakuu, fakkeeniyota, himootni tajaajilaafi caasaa irratti hundaa'uun bal'inaan ibsamaniiru.

Maddi ragaa qorannookanaa barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa Ukkaa sad. 2^{ffaa} fi mana barumsaa qophaa'ina Goreeti. Akkasumas, kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 9-12^{ffaa} dabalata. Meeshaan funaansa ragaa afaaffiifi sakatta'a kitaaba barnootaati. Qorannichi mala qorannoo addeessaa (descriptive research) ta'ee, mala sakatta'iinsaan (survey method) kan gaggeeffamedha. Qaaccessiifi hiikni odeeffannoo sakatta'a ragaalee, boqonnaa afraffaa keessatti dhihaateera. Qaaccessi ragaa kitaabilee jechaafi gabateedhaan kan dhiyaateedha. Adeemsa qorannoo kana keessatti argannoon bira gahaman, dhihaannaan himootaa kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 9-12^{ffaa} keessatti bifa kamiin akka dhihaatan ilaalchisee: kitaaba barnootaa kutaa

11^{ffaa} keessatti fakkeenya hima dachaa xaxamaadhaaf kanname kan hima xaxamaadhaaf kenname waliin walfakeenya qabaachuu, kitaaba kutaa 10^{ffaa} keessatti tajaajilaan, kutaa 11^{ffaa} keessatti ammoo, caasaafi tajaajilaan kan dhihaate yommuu ta'u, kan kutaa 9^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessatti xiyyeeffannoo kan hinarganne ta'uu, dhihaannaan himootaa kitaabilee afran keessatti walitti fufiinsa kan hinqabne ta'uudha. Kunis kitaaba kutaa 11^{ffaa} keessatti bal'inaan kan dhihaateefi kan kutaa 9, 10 fi 12^{ffaa} keessatti bal'inaan dhihaachuufi Caasaa irratti hundaa'ee haalli dhihaannaa himootaa irra deddeebii qabaachuu. Fkn. kitaaba A/O. kutaa 11^{ffaa} ful.20 fi 112-113 irratti. Dhumarrattis hanqinoota akka waliigalaatti mul'ataniif kallattiin gara fuulduraa maal akka ta'uu qabuufi yaadni furmaataa qaama dhimmi kun ilaallatuuf dhihaatee jira.

5.2. Argannoo

Odeeffannoo sakatta'a ragaalee, kitaabileefi afgaaffii irraa argame qaccessuun argannoon qorannoo kanaa akka armaan gadiitti dhihaateera.

- Haala dhihaannaa caasaa himootaa ilaalchisee kitaaba barnootaa kutaa 11^{ffaa} keessatti fakkeenya hima dachaa xaxamaadhaaf dhiyaate kanneen hima xaxamaadhaaf dhihaatan waliin caasaan walfakeenya qabaachuu isaaniiti.
- Haalli dhiyaannaa himootaa kitaabilee kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessaa kitaaba kutaa 10^{ffaa} keessatti tajaajilaan kan dhihaate ta'uu, kitaaba kutaa 11^{ffaa} keessatti ammoo, caasaafi tajaajilaanis kan dhihaate yommuu ta'u, kan kutaa 9^{ffaa} fi 12^{ffaa} keessatti immoo himootni walsimannaa matimaa, aantimaafi gochimaa ilaalchisee kan dhihaate ta'uu isaati.
- Haalli dhihaannaa himootaa kitaabilee afran keessatti qabiyyeenisaanii garaagara. Kunis kitaaba kutaa 11^{ffaa} keessatti bal'inaan caasaafi tajaajilaan kan dhihaateefi kan kutaa 9, 10 fi 12^{ffaa} keessatti bal'inaan dhihaachuu baatus himootni jiraachuun isaanii mirkanaa'eera.

Walumaagalatti akka argannoon qoratichaa mul'isutti, akkaataan dhiheenya caasaa himaa kitaabilee kanneen keessatti garaagarummaa akka qabu bira gahameera. Garaagarumman kunis kallattii qooddii caasaa, qabiyyee caasaa, hiika caasaa, fakkeenya caasaa himaatiif kennamaniin kan mul'atan ta'uun, isaanii bira gahameera.

5.3. Yaboo

KB. Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti haala dhihaannaa caasaa himaa ilaalchisee hanqinoota muul'ataniif yaadni furmaataa akka armaan gadiitti dhihaatee jira.

- ☞ Haalli dhiyaannaa himootaa kitaabilee hunda keessatti ibsa bal'aa waliin yoo qabaate gaarii dha. Kun ammoo barattootaaf haala salphaan hubatama; barsiisotaaf ammoo hojii salphisuu danda'a.
- ☞ Qopheessitootni KB. qabxiilee kanneen akka qooddii, fakkeenyota, maalummaafi moggaasa caasaa himaa irratti waliin mari'achuu,sadarkaa dandeettii barattoota waliin kan deemuufi barattoota haala giddugaleeffatuun osoo qopheessanii filatamaadha.
- ☞ Kitabileenbarnootaa kun haala dhiheenya himootaa irratti irradeebi'amanii ilaalamuun, bakka hanqinni jiru eeruu kennuudhaan bifa haaraan sakatta'amanii hanqinoonni mul'atan kun akka sirreeffaman qaamni dhimmichi ilaallatuhunduu yaada dhiheessuunakka fooyya'u taasisuun gaariidha.
- ☞ Haalli caaseffama himaa qaamolee seerlugaa keessaa tokko waan ta'eef, yommuu kitaabileen maxxanfaman barreessitootniifi hayyootni keessatti qooda fudhatan akkuma dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu himootnisboqonnaalee hunda keessatti osoo dhihaatee gaariidha.

Wabiilee

- Abarraa Nafaafi Kanneen biroo.(1998). *Caasluga Afaan Oromoo*. (Maxxansa 3^{ffaa}), jildii 1, Addis Ababaa: Branna Printing Interprise
- Abdulsamad Mohaammad. (1994). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Caffee Oromiyaa. Bole Printing Interprise.
- Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press
- _____. (2011). *Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa*. Finfinnee: Alem Printing Plc
- Anderson,S.(1992).*Typological Distinction in Word Formation*.Cambridge: Cambridge University Press.
- Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East trading plc
- Askale Lemma. (1998). “*Some Points on Oromo Orthography*.” Interdisciplinary Seminar of the Ethiopian Studies (1st) Nathareth, pp 323-337
- Atkins, and et al. (1995). *Skill Development Methodology, part II*. Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Ayalew Sh, (2000). “*Educational Policy and Management of Change*.”Modules Two and Three. AAU
- Batstone,R.(1994) *Grammar*.Oxford:Oxford University Press.
- Bauer, L. (1983). *English Word Formation*. Cambridge: Cambridge University Press
- _____. (1988). *Morphology*. Edinburgh: Edinburgh University Press
- Baye Yimam .1981. “*Oromo Substantives: Some Aspects Their Morphology and Syntax*.” Addis Ababa: Addis Ababa University (Unpublished MA thesis)
- Bender, M and Mulugeta, Etafa. (1970). “*Descriptions of Representative Language In Bender, (1970). Language of Ethiopia*. (Part x chapter two) AA: AAU. PP 1-30
- Brumfit,C.and Bower,R.(1991).*Appiiied Lingustics and English Language Teaching*.London:Macmillan Publisher Ltd.
- Catherine Griefenow Mewis.(2001).*A Grammatical sketch of Writter Oromo*.German.
- Crystal, D. (1987). *The Cambridge Encyclopedia of Language*. Cambridge: Cambridge University Press
- Cunningworth, A. (1984). *Evaluating and Selecting EFL Teaching Materials*. Oxford: Heinemanna.
- _____.(1995). *Choosing Your Course Books*. London: Heinemanna.
- Edge,J.(1998).*mistakes and correction*.London:long man.

- Filee Jaalataa.(2015).Seerluga Afaan Oromoo.Finfinnee:Mana maxxansa Raajii.
- Finch, G. (2005).*Key Concepts in Language and Linguistics 2nd* (edit). Houndsmills, Basingstoke, Hampshire. New York: Palgrave Macmillan
- FRDI-tti Ministeera Barnootaa.(2005). Kitaaba *Barataa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa}*. Kampaalaa: MK Publishers LTD.
- Gabbaroo Tulluu. (2007). *Caasluga Afaan Oromoo -II: Barnoota Barsiisotaa*. Finfinnee
- Geetaachoo Rabbirraa. (2005). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10*. Addis Ababa: Mega Publishing Interprise.
- Gragg, Gene, B. (1976). “The Oromo of Wollega.” In Bender.1976.*The Non- Semetic Language of Ethiopia*. East Lansing: African Study Center, Michigan State University Press. pp 166-194.
- Greenbaum,S.(1988). *Good English and the Grammarian*. Hong Kong:Longman Group Ltd.
- Gurmeessa, (2015), *Qaacceesa Caasaa Jechaafi Hima Afaan Oromoo Kitaabilee Barnootaafi Kitaabilee Wabii: Finiffinnee yuunivarsiitii Addis Ababaa*. (waraqaa qorannoo digirii 2^{ffaa} kan Hin maxxanfamin).
- Halliday,M,A,K.(1994).An Introduction to Functional Grammar (2nd Ed).New York:Edward Arnold.
- Harmer, J. (1987).*Teaching and Learning Grammar*. UK: Longman York Press
- _____. (1995). *The Practice of English Language Teaching*. New ed. UK: Longman press
- Harmer.J(1991).*The Practice of EnglishLanguage Teaching*.London: Longman Group Ltd.Publishing.
- Ijaaraa Baatuu. (1999). Haala Dhiyeessa Xinjecha Afaan Oromoo DareeBarnootaa Keessatti: Haala Barattoota Mana barumsaa Qophaa’ina Gobbaa. Addis Ababaa: Yuunivarsiitii Addis Ababaa (Waraqaa Qorannoo Digirii 2^{ffaa} Kan hinmaxxanfamin)
- Lammii Guddata.(1998).Xiinxala hojii irra oolmaa jechoota xinqooqaafi og-barruu koree waaltina Afaan Oromootiin Moggaafaman." Dhaabbiilee barnoota olaanaa keessatti.
- Larsen – Freeman, D. (1991). Teaching Grammar, in *Techniques and Resources in Grammar Teaching*, P. 270- 278.
- Matthews, P.H. (1991). *Morphology*.2nd (edit). Cambridge: Cambridge University Press
- Mc Donough, J and Shaw, C. (1993).*Materials and Methods in English Language Teaching*.Oxford: Blackwell Publishers Ltd

- Mitikkuu D. fi Tashoomaa E. (1992). Seerluga Afaan Oromoo (orla 114); Hidhaa 2^{ffaa} Xinjecha. Finfinnee
- Mulugeetaa Tendaa (2012), *Qaacceessa dhiyaanna Qabiyyee Jechaafi Himoota Kitaaba Barnootaa Afaan Oromoo Kutaa kurnaaffaa keessatti*. Finfinnee, Yuunivarsiitii Addis Ababaa (waraqaa qorannoo digirii 2^{ffaa} kan hin maxxanfamin)
- Nasir, R.T. (1972). *Teaching and learning English*. Singapore: Longman Singapore Publisher.
- Payne, E. Thomas. (2006). *Exploring Language Structure A student's Guide*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Radford, A; Atkinson, M., Britain, D., Clahsen, H. and Spencer, A. (1999). *Linguistics: Introduction*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Sharma, K. and Tuteja, T. (2005). *Teaching of Language and Linguistics*. Delhi: Ajay
- Shifarraa Fayisaa. (1999). *Caasaa Afaan Oromoo: Wiirtuu Barruulee Waaltina Afaan Oromoo Keessatti*. Finfinnee: Mana Maxxansa Aartistikii (APE), Jildii 8^{ffaa} fuula 19
- Shifarraw Balaay, (2017) *Xiinxala caasaa himaa kitaaba barattootaa kutaa I^{ffaa}, caasluga afaan oromoo jiidii-1, furtuufi tuujuba keessatti*. Finfinnee, Yuunivarsiitii Addis Ababaa (waraqaa qorannoo digirii 2^{ffaa} kan hin maxxanfamin)
- Stern, H.H. (1983). *Fundamental Concepts of Language Teaching*. Oxford: Oxford University Press
- Swan, M. (1994). "Design Criteria For Pedagogic Language Rules." In Bygate, M., Tonkyon, A. and Williams, E. (eds): *Grammar and Language Teacher*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Tashoomaafi Amaanu'eel. (2009). *Seensa Afaaniifi Xinqooqaa: Hidhaa 1ffaa Barnoota Fagoo*. Yuunivarsiitii Jimmaa (Kan hin maxxanfamin).
- Temesgeen Nagaasaa. (1992). *Qubee Afaan Oromoo: Wiirtuu Barruulee Waaltina Afaan Oromoo keessatti*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Daldalaa, jildii 5^{ffaa} Fuula 36-51
- _____ (1993). "Word Formation in Oromo." Unpublished MA Thesis in Linguistics. AA: AAU
- Ur.P. (1988). *Grammar Practice Activities. A practical Guide for Teachers*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Ur.P. (1996). *A course In Language Teaching, Practice And Theory*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Wilkins, D.A. (1980). *Linguistics in Language Teaching*. London: Edward Arnold Ltd.

Dabalee -A

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii SaayinsiiHawaasaafi Humaanitiitti DameeBarnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

3) *Afgaaffii Barsiisotaaf Dhiyaate*

- 1) Rakkoon haalli dhiyaannaa himootaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa}adeemsa baruufi barsiisuu keessatti dhiibbaa akkamii qaba sitti fakkaata?
- 2) Hanqinaaleen haaladhihaannaa caasaa himootaa kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti nimul'atuu? Yoo mul'atan yammuu barsiiftu maal goota?
- 3) Dhihaannaan himootaa kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti caasaafi tajaajila irratti hunaa'uun dhiyaateeraa?
- 4) Haallidhihaannaa himootaa kitaabilee barnootaa kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti walitti fufiinsaan dhihaateeraa?
- 5) Haallidhihaannaa himootaa kitaabilee barnootaa kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti walitti fufiinsaan dhihaachuu dhabuun miidhaa akkamii qaba jettee yaaddaa?

Dabalee -B
Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaanitiitti Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Gabatee A. Haala Qabiyyee Himootaa Kitaaba Barataa A/O kutaa 9^{ffaa}-12^{ffaa} keessatti.

	Kitaaba A/O. kutaa 9 ^{ffaa} -12 ^{ffaa}				Gosa himootaa tajaajilaafi Caasaan							
	9	10	11	12	H.H.	H.G.	H.Aja	H.R.	H.S.	H.D.	H.X.	H.D.X.
Boqonnaa												
Tokko												
Lama												
Sadii												
Afur												
Shan												
Ja'a												
Torba												
Saddet												
Sagal												
Kudhan												
Kudha tokko												
Kudha Lama												
Kudha sadii												
Kudha afur												
Kudha shan												
Kudha ja'a												
Kudha torba												
Kudha saddet												

Ibsa

1.H.H.= hima himamsaa 2. H.G. Hima Gaaffii 3. H.Aja.=Hima Ajajaa

4.H.R.= Hima Raajeffannoo 5. H.S.=Hima Salphaa 6. H.D. =Hima Dachaa

7. H.X.=Hima Xaxamaa 8. H.D.X.=Hima Dachaa Xaxamaa

Dabalee-C

HimaHimamsaa (kitaaba A/O. kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa})

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaanitiitti Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

1. Leenci hoolaa nyaate.
2. Mucaan laaqana nyaate.
3. Inni barataadha.
4. Jarri biqiltuu dhaaban.
5. Gammachuun mana ijaare.
6. Ishiin qalama naaf kennite.
7. Inni dabtara bitate.
8. Adurreen hantuuta nyaatte.
9. Ani turban dhufu biyyan gala.
10. Bokkaan roobe.
11. Lammeessaan laga bu'e.
12. Garasuun jabbii bite.
13. Magartuun fira hinqabdu.
14. Shantameen torban kana dhufti.
15. Lalisaan qonnaan bulaa cimaadha.

Dabalee-D

Hima Gaaffii (kitaaba A/O. kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa})

Yuunivarsiitii Jimmaa

**Kollejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaanitiitti Damee Barnoota Afaan
Oromoofi Ogbarruu**

1. Maqaan kee eenyu?
2. Eessa deemaa jirta?
3. Yoom dhuftee nagargaarta?
4. Ishiin eessa deemte?
5. Maaliif dhufte?
6. Kitaaba sana bittee?
7. Obboleessi kee eessa jira?

Dabalee-E

Hima Ajajaa (kitaaba A/O. kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa})

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaanitiitti Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

1. Tapha kana dhaabi.
2. Gara mana barumsaa deemi.
3. Bakka kanaa hindeemin.
4. Lammata mana keenya akka hindhufne.
5. Karra bani.
6. Laga bu'i.
7. Bishaan waraabi.
8. Utuu kitaaba hinfidin akka hindhufne.
9. Bishaan dhugi.
10. Gonkumaayyuu sana hinyaadin.
11. Sanatti akka itti hinbuune.
12. Ogeessa fayyaa haasofsiisi.

Dabalee-F

Hima Raajeffannoo (kitaaba A/O. kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa})

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kollejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaanitiitti Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

1. Nan bade!
2. Akkam bareeddi!
3. Akkam fiigdi!
4. Baay'ee ulfaata!
5. Kun raajiidha!
6. Maal wanti akkasi!
7. Ani badeera!

Dabalee-G

Hima Salphaa(kitaaba A/O. kutaa 11^{ffaa})

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii SaayinsiiHawaasaafi Humaanitiitti DameeBarnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

1. Leenci hoolaa nyaate.
2. Mucaan laaqana nyaate.
3. Inni barataadha.
4. Jarri biqiltuu dhaaban.
5. Gammachuun mana ijaare.
6. Ishiin qalama naaf kennite.
7. Inni dabtara bitate.
8. Adurreen hantuuta nyaatte.
9. Ani turban dhufu biyyan gala.
10. Bokkaan roobe.
11. Lammeessaan laga bu'e.
12. Garasuun jabbii bite.
13. Magartuun fira hinqabdu.
14. Shantameen torban kana dhufi.
15. Lalisaan qonnaan bulaa cimaadha.

Dabalee-H

HimaDachaa (kitaaba A/O. kutaa 11^{ffaa})

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii SaayinsiiHawaasaafi Humaanitiitti DameeBarnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

1. Haxxeen lafa lixxe;gowwaan taa'ee muga.
2. Afaan dur jalqabe;ragaa funaanuun garuu dhiheenya eegale.
3. Ani hin rafne;boqqoolloon hin hafne” jedhe namichi.
4. Ani hanga namaa hinga'u; namni garaa nahingahu.
5. Dabalaan farda bite; Badhaasaan garuu harree bite.
6. Nyaata gaariin nyaadhe; kanaafuu, nagaatu natti dhagahama.
7. Tolaan mana yaalaa deemee deebi'e.
8. Shantamaan Jimmatti dhalate; Booruun immoo, Mattuutti dhalate.

Dabalee-I

HimaXaxamaa(kitaaba A/O. kutaa 11^{ffaa})

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii SaayinsiiHawaasaafi Humaanitiitti DameeBarnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

1. Jalqaba afaanii irratti yaadni waliigalaa tokko dhabamullee, yaaxxinoonni garaagaraa jiru.
2. Maalummaa kee waanan hinbeekneef amantaa sirraa hinqabu.
3. Yoo yaada kee jijjiirte, garee kana keessaa hir'ama.
4. Ganamaafi galgala yoo hojjetta kutaa isa itti aanutti nidarbata.

Dabalee-J

HimaDachaa Xaxamaa(kitaaba A/O. kutaa 11^{ffaa})

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kollejjii SaayinsiiHawaasaafi Humaanitiitti DameeBarnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

1. Obbo Tufaan yommuu barsiisu barattoota keessa asiifi achi deemee deebi'a.
2. Bishaan hinuma dhugna, nyaata hinima nyaanna, yoo gabbachuu baannellee.
3. Teenyees, dhaabbannees, waan haaraa hinarginu.
4. Yeroon achi geenyee gabaasa goonullee, milkaa'uu hin dandeenye.

Dabalee-K

Walsimannaa Matimaa, Aantimaafi Gochimaa (kitaaba A/O. kutaa 9^{ffaa})

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaanitiitti Damee Barnoota Afaan Oromoofi

Ogbarruu

1. Taphachuu inni jaallata kubbaa
2. Obboleessa ishiin ishii gargaartu baay'ee
3. Jira xalayaa ani barreessaa
4. Dhangalaaste bishaan teessoo irratti mucaan
5. Barattoonni qulqulleessan isaanii naannoo
6. Mucaan buddeena nyaachuu jalqaban.
7. Jarri mana ijaaree jira.
8. Harmeenkaa kitaaba naaf bite.
9. Bakkaan roobaa jiru.
10. Hoolaan marga dheeda.

Dabalee-L

Walsimannaa Matimaa, Aantimaafi Gochimaa (kitaaba A/O. kutaa 12^{ffaa})

Yuunivarsiitii Jimmaa

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaanitiitti Damee Barnoota Afaan Oromoofi

Ogbarruu

1. Ani siwaliin taphanna.
2. Namoota sana keessaa inni tokko dhukkubsataniiru.
3. Ambisaan ishee yookiin jara bira turuu barbaadan.
4. Abbaafi haatikoo gara gabaa ana waliin deemne.
5. Namni guddaan kabajamuu qabu.
6. Yemmuu lamaafi sadii walitti ida'amu shan ta'a.
7. Jara moo Situ dhufuu qabu?
8. Boqqolloofi xaafiin gosa midhaaniiti.
9. Kitaabni, galmeen jechootaafi intarneettiin madda odeeffannooti.

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaan koo armaan gaditti eerame,waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne ta'uusaa,akkasumas, yaadolee qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa qorataa: Mootummaa Tarrafaa

Mallattoo _____

Guyyaa _____